



Sassaabbii midhaanii Arsii Lixaa, Gadab Asaasaatti

Awaash kan nama nyaatu osoo hintaane kan irraa nyaatamu gochuuf hojjetamaa jira

- Gadab Asaasaatti sassaabbiin midhaanii eegalame

Waasihun Takileetiin

Godina Shawaa Kibba Lixaatti kan argamu lagni Awaash ganna ganna guutuun nama buqqisuufi nyaachuun lammiilee gidirsaa tureera.

Amma garuu laga nama nyaatu kana gararraa nyaachuutti geeddaruuf qorannaan gaggeeffamaa jiraachuu pirezidaantiin

Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Obbo Shimallis Abdiisaa ibsan.

Kamisa dheengaddaa sagantaa facaasaa qamadii bonee bara 2016 Godina Shawaa Kibba Lixaa, Aanaa Sabbataa Hawaas, Ganda Awaash Bal'ootti kan jalqabsiisan pirezidaantichi Awaash nama nyaachuurraa gara irraa nyaachuutti geeddaruuf hojjetamaa jiraachuu ibsaniiru.

Bishaan balbala ofii ciisu tajaajila jallisiif oolchuu dhabuun dinagdee lammiilee hubaa turuu kaasaniiru.

Amma garuu toorri xiyyeeffannoo taa'ee qorannoon gaggeeffamaa jiraachuu dubbatu.

Qorannichi laga Awaash gara misoomaatti deebisanii hawaasni naannawichaa fayyadamaa akka ta'u gochuuf kan akeeke

Gara fuula 14tti

Jiraattotni Aanaa Gindabarat daandii dhabuun rakkoo hamaaf saaxilamuu ibsan

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Godina Shawaa Lixaatti jiraattotni Aanaa Gindabarat sababa rakkoo daandiitiin rakkoo hawwaasummaafi dinagdee hamaaf saaxilamuu ibsan.

Jiraattotni kunneen dheengadda Dhaabbata Piresii Itoophiyaatti akka himanitti, sababa rakkoo daandii aanichatti namni dhukkubsate karaa ba'ee ittiyaalamu dhabuurraan kan ka'e lubbuun namoota hedduu darbeera. Keessattuu rakkoo

Gara fuula 14tti



Hawaasni naannawichaa rakkoo hojjetamee xumuramuu dhabuu daandiitiin rakkachaa jiraachuu ibsaa jira



Obbo Xibabuu Taaddasaa

Haalli mijataan uumamaan mariin biyyaalessaa ji'oota muraasa booda eegalama

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Nageenya dabalatee haalli mijataan uumamaan mariin biyyaalessaa walakkaa waggaa kana kan eegalama ta'uu Komishiniin Marii Biyyaalessaa beeksise.

Imalli komishinarootni komishinichaa gara Tigraayitti taasisanis milkaa'aa ture.

Hogganaan Damee Miidiyaa, Kominikeeshinii, Gargaarsaafi Dubbi Himaan komishinichaa Obbo Xibabuu Taaddasaa Roobii darbe

Gara fuula 14tti



Adde Sannaayit Mabree

Paarkiiwwan indastirii keessatti hirmaannaan abbootii qabeenyaa biyya keessaa gadaanaadha

Saamraawit Girmaatiin

Finfinnee: Mootummaan ce'umsa dinagdee qonnaarraa gara indastiriitti taasifamu akka deeggaruuf waggoota shanan kana misooma paarkiiwwan indastiriirratti xiyyeeffannaadhaan hojjetaa jiraatus hirmaannaan abbootii qabeenyaa biyya keessaa gadaanaa ta'uu Korporeeshiniin Misooma Paarkiiwwan Indastirii Oromiyaa ibse.

Gaggeessituun Hojii Korporeeshinichaa Adde Sannaayit Mabree gaafdeebii Gaazexaa Bariisaa wajjin Kibxata darbe waajjirasaaniitti

Gara fuula 14tti

ODUU

Oromiyaatti ji'oota sadan darbanitti galiin qarshii biliyoona

26 ol walitti qabame

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Oromiyaatti ji'oota sadan darbanitti galiin qarshii biliyoona 26 ol walitti qabamuu Biiron Galiwwan Oromiyaa beeksise. Raawwiin kunis kan karoorfamee gad ta'uun ibsameera.

Hoggantuun biirichaa Aadde Maskaram Dabbabaa Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, kurmaana lffaatti galiin qarshii biliyoona 34.631 walitti qabuuf karoorfamee sababoota garagaraatiin karooraa gad qarshiin biliyoona 26.655 walitti qabameera.

Kaffaltooni gibiraa "Sadarkaa C" yeroo jedhame keessatti kaffaluu dhabuun, kuufamni galmee odiitii si'aayinaan xumuramuu dhabuufi rakkoon nageenyaa iddoo tokko tokkotti mudatee ture karooraa gadi sassaabamuu galiitiif akka sababaati eeramu.

Magaalota Shaggar, Adaamaa, Shaashamaneefi Bishooftuuratti hojjetaa waljala dabarsuufi ramaddii haaraa dafanii adeemsisuu dhabuu dhiibbaa mataasaa uumeera kan jedhan Aadde Maskaram, haa ta'u malee, ji'a Onkoloolessaa kana



Aadde Maskaram Dabbabaa

keessa galiin taaksii dabalataafi kaffaloota gibiraa olaanaarraa walitti qabamaa waan jiruuf harcaatii mudate bakka buusuuf xiyyeeffannaan hojjetamaa akka jirus hubachiisaniiru.

Naannichatti kaffaltooni gibiraa sadarkaa C kan galiisaanii waggaatti kuma 500 gad ta'an kummi 449 ol (%87) jiraachuu eeranii, tilmaama gatii galiin guyyaa bara 2015 hojiirra ooleen gibira sassaabuun komirraa bilisa ta'uun alatti sassaabbii gibiraa si'essuurratti gumaacha guddaa

qabaachuus ibsaniiru. Kaffaloota gibiraa sadarkaa C dhibbantaa 88 ta'an yeroo jedhame jechuunis baatii Adoolessa 1-30tti kaffaluusaanis eeraniiru.

Akka isaan jedhanitti, ji'oota sadan darban qofatti daldaloota eeyyama malee daldalan kuma 22 ol seeratti deebisuun galiin mootummaa qarshii miliyoona 98 ol baraaruu danda'ameera.

Hubannoo gibiraa yeroo garaagaraa uumameen aadaan yeroon gibira kaffaluu daran fooyya'us ammas hojiin manaa hafu jiraachuu Aadde Maskaram ibsaniiru.

Kontirobaandiin, galiin gibiraa waliin dha'uun, naga'ee kennuu dhiisuufi eeyyama malee daldaluun akaakuwwan daldala seeraan alaa ta'uu dubbatanii, biirichi yeroof kan xiyyeeffate daldaloota eeyyama malee daldalanirratti ta'uu himaniiru.

Amanamummaan galiin argatanirraa gibira kaffaluu dhabuu akka jiru sirna odiitii booda galiin dabalaa dhufuurraa mirkaneeffachuus himanii, barana odiitiin qarshii miliyoona 10 walitti qabuuf sochii taasisaa jiraachuu dubbataniiru.



Doktor Asaamminoo Tashoomaa

Roobni si'anaa midhaan ga'ee mancaasuun ala weerara dhibee busaatiif haala mijataa uumuu danda'a

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Roobni yeroosaa hineegne tibbana roobaa jiru midhaan ga'ee mancaasuun alatti weerara dhibee busaa waan hammeessuuf of eeggannoon taasifamuu akka qabu Inistitiyuutiin Meetiworoloojii Itoophiyaa hubachiise.

Inistitiyuutiichatti Daarektarii Damee Raaga Meetiworoloojiif Dursee Akeekkachiisaa Doktor Asaamminoo Tashoomaa Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, roobni yeroosaa hineegne amma roobaa jiru midhaan ga'ee mancaasuun ala walhormaata bookee busaatiif haala mijataa waan uumuuf of eeggannoo cimaan taasifamuu qaba.

Roobni kun midhaan ga'ee mancaasuuti dabalataan qulqullinasaa haalaan waan gad buusuuf qonnaan bulaan midhaan bilchaatee oyiruura jiru dafee walitti qabuutu irraa eegama. Naannolee Oromiyaa, Amaaraa, Beenishaangul Gumuziifi Gaambeellaatti roobni waqtiisaa hineegne kun weerara dhibee busaa waan babal'isuuf bishaan bakkeewwan garaagaraatti kuufaman dhabamsiisuun barbaachisaadhas jedhaniiru.

Itoophiyaatti kanaan dura waqtiin bonaa haala qilleensa gogaan beekama kan jedhan Doktor Asaamminoo; yeroo ammaa giddugalli garba Paasifiikiifi Kaabni garba Indii haalaan ho'aa waan jiruuf qilleensa jiidhaa seenaa jiruun Itoophiyaan haala hinbaratamneen rooba guddaa akka keessummeessuuf dirqisiisaa jiraachuu ibsaniiru.

Akka isaan jedhanitti, naannolee waqti bonaa kanaan dura rooba hinqabne kanneen akka naannolee Tigraay, Affaar, Amaaraa, giddugala Oromiyaafi Beenishaangul Gumuz rooba argachaa jiru. Roobni amma roobaa jiru rooba salphaa hanga miliimeetira 60 hanga 106 yommuu ta'u, Goreefi Arbaa Mincitti roobni daran cimaan miliimeetira 106 galmaa'eera. Rooba yeroosaa hineegne amma mudataa jiru kana ilaalchisee inistitiyuutiichi Adoolessa keessa beeksisuunsaa ni yaadatama.

Gama birootiin bakkeewwan kanaan dura rooba dhabuun honge dararamaa turan yeroo ammaa rooba gahaa argachaa waan jiraniif barana Itoophiyaatti mallattoon hongee akka hinjirres eeraniiru.

Bakkeewwan rooba idilee waqtiilee birraafi bonaan argataniif haalli rooba baranaa kun daran mijataadha jedhanii; bakkeewwan waqtiin alatti roobni roobaa jirutti bishaan qixa sirriin cim'isuun misooma jallisiif fayyadamuun barbaachisaa ta'uu dhaamaniiru.

Haa ta'u malee, bakkeewwan bonaa rooba argatanittuu roobni cimaan idilee sigiga lafaafi garmalee guutuu lageeniif sababa ta'an mul'achaa waan jiraniif of eeggannoo barbaachisaan taasifamuu qabas jedhaniiru.

"ALA bara 2023tti haleellaa saayibariitiin hanni doolaara tiriliyoona 23tti ta'u raawwatameera"

- Abdiisaa Baancaa (Ogeessa 'ICT')

Natsaannat Taaddasaatiin

Finfinnee: Baatiin Nageenya Saayibarii biyyaalessaa 4ffaan Onkoloolessa jalqabarraa kaasee mataduree, "Humna Saayibarii Haleellaa Qolachuusaa Mirkanaa'e Birmadummaa Biyyaaf" jedhuun sagantaalee gara garaatiin kabajamaa jira.

Haleellaan saayibarii namoota dhuunfaa, dhaabbileefi akka biyyaatti miidhaa guddaa qaqqabsiisa. Haleellaan saayibarii keessumaa seektara faayinaansiifi miidiyaarratti daran kan hammaatu ta'uufi haleellaan kun yeroo rakkoo nageenyaa ykn waraanaa kan hammaatu ta'uu odeeffannoon Bulchiinsa Nageenya Marsariitii Odeeffannoo Itoophiyaarraa arganne ni mul'isa.

Qorannoo Bulchiinsi Nageenya Marsariitii Odeeffannoo adeemsiseen, hubannoo hawaasni nageenya saayibariiratti qabu gadaanaadha. Hawaasni %65 nageenya saayibariiratti hubannoo hinqabu; namoonni %73 ammoo 'Password' cimaa hinfayyadaman.

Yeroo Itoophiyaan gara dijitaalatti seenaa jirtu kanatti ofii keenya, dhaabbataafi biyya keenya halleellaa saayibariirraa baraaruf miidiyaan haleelicha qolachaa hubannoo hawaasni nageenya saayibariiratti qabu gabbisuurratti xiyyeeffatee hojjechuu akka qabu yaadachiiseera.

Qorannoon taasifame akka ibsutti, baay'ina ummata Itoophiyaa keessaa kan intarneetiifi miidiyaa hawaasummaa fayyadaman miliyoona 33 ol ta'u. Kana keessaa hubannoo nageenya saayibarii beekaniin kan ittifayyadaman %35 ta'u. Hubannoo hawaasni nageenya saayibariiratti qabu gabbisuuf barumsii ittifufiinsaann kennamuu akka qabus ibsameera.

Hundeessaa 'OICT Solutions'fi Hogganaa



Olaanaan 'Afan Africa Association - 3A' Abdiisaa Baancaa Jaarraa gaafdeebii dheengadda dhimma haleellaa saayibariiratti Gaazexaa Bariisaa waliin taasiseen akka jedhutti, haleellaan saayibarii yeroo ammaa haala ulfaataafi rakkisaa keessa jira.

Haleellichaan ALA bara 2023tti akka addunyaatti hanni doolaara tiriliyoona 23 raawwatameera. Maallaqni kun waajjiraalee mootummaa, dhuunfaa, daldalaa biyyoota gara garaatti argamanirraa hatame. Hanni kun maallaqa akkasiiitu sii ergame ykn sii ergama ykn maallaqa hammanaa ergi jechuun kan raawwatame ta'uu eereera.

Maallaqni hatamu tiriliyoona seeneera kan jedhu Abdiisaan, of eeggannoo jabaa qofa utuu hintaane humna haleellaa saayibarii qolachuu danda'u ijaaruu barbaachisaa ta'uu eeree, keessumaa sektaroonni faayinaansii, daldalaafi miidiyaa haleelicha qolachuurratti xiyyeeffatani hojjechuu akka qaban dubbata. Akkaawuntiin namoota dhuunfaas hatamaa jiraachuu dubbata.

Yeroo ammaa maallaqa akkasii argachuuf linkii kana cuqaasuun unka kana guutaa jechuun akkaawuntiin namoota baay'ee hatamaa jiraachuu kan himu ogeessichi, namoonni liinkota amanamoo hintaane cuqaasuufi unkicha guutuuraa akka of

qusatan gorseera. Bulchiinsi Nageenya Marsariitii Odeeffannoo Itoophiyaa hubannoo hawaasni nageenya saayibariiratti gabbisuuf afaanota gara garaatiin miidiyaa fayyadamuun barsiisuu akka qabus yaadachiiseera.

Yeroo ammaa teknoloojii wajjin tarkaanfachuun dirqama waan ta'eef teknoloojiiratti dandeettii bu'uura qabaachuu qabna kan jedhu Abdiisaan, dandeettiin bu'uura kun kompiyuutara fayyadamuu, akkaawuntii miidiyaa hawaasummaa kan ittiin ergaa waliif dabarsinu kana of eeggannoon ittifayyadamuu danda'uu qabna. Paaswoordiin akkaawuntii keenyaas cimaa, kan dijitiif ja'aa oliifi hinirraanfanne ta'uu qaba jedha.

"Paaswoordii keenya lakkoofsa bilbila keenyaa gochuun sirrii miti. Kun akkaawuntiin keenya akka hatamuuf waan karaa banuuf 'paaswoordii' jabaa kan namoonni salphaatti tilmaamuu hindandeenyeefi nutis irraanfachu hindandeenye fayyadamuu qabna. Kanaafis qubee, lakkoofsaafi mallattoolee gara garaa walkeessa maknee ittihaafayyadamnu jedha.

Dandeettii bu'uura kana 'Google'fi 'Youtube' irraa barachuu dandeenya. Yeroo ammaa 'Youtube'n Afaan Oromootiin tajaajila kennu ykn sagalee Ingiliffaan jiru jalatti Afaan Oromootiin barreessuu jalqabuus eereera.

Haleellaan saayibarii gocha burjaajessitooni kompiyuutara, networkii kompiyuutaraafi sirnootasaarratti miidhaa geessisuun odeeffannoof maallaqa hatuuf raawwataniidha. Haleellichi tooftaawwaniifi teknikiwwan gara garaa fayyadamuudhaan bakkaafi yeroon utuu hindaangeffamin interneetiidhaan raawwachuu danda'a. Haleellicha qolachuufis 'Password' cimaa fayyadamuu, sooftiweerii farra vaayrasii fayyadamuu, yeroo 'Email' bannu liinkota hinbeekanne nutti ergaman cuqaasuura of eeggachuu qabna.

Ijoo Dubbii

Milkaa'ina karoora xiiqiitiif xiiqiidhaan

Mootummaan Naannoo Oromiyaa, karoora mootummaa bara 2016 "Karoora Xiiqii" jedhee, moggaasuunsaa ni beekama. Hoggansa sadarkaan jiru waliinis akkaataa karoorri qabame kun ittimilkaa'uurratti waliigalamuuni hojiitti kan galame.

Milkaa'ina karoorichaatiif waan hojjechuuf qabame tokko tokkoon yaadachuu, maaltu akka jalqabame, maaltu akka hinjalqabamne ofumaan of qorachuufi maalirra akka jirru ofis hojjichas waljalaa madaaluun dhimma murteessaadha.

Karoora xiiqii kan jedhameef, karooricharratti hubannoo walfakkaataa, kaka'umsiifi kutannoon raawwiif barbaachisu xiiqirraa kan madde ta'uun waan itti amanameefi xiiqiidhumaan hojjetamuu waan qabuufi. Barana akka mootummaatti karooriifi hojiin jalqabame hanga sadarkaa gandaafi magaalatti, gama hundaan nama dhuunfaarraa ka'uu akka qabu kanirratti waliigalameedha.

Raawwataa gahumsa qabu ta'uu/qopheessuu: Karoorri kamuu raaawwataa barbaaduun beekamaadha. Karoorri xiiqii ammoo raawwataa qofa osoo hintaane, raawwataa gahumsa, kutannoofi dandeettii raawwachuun olaanaa qabu barbaada. Hojiin baranaa mara, baay'ina, qulqullinaafi saffisaan raawwatama yemmuu jedhamu, aadaa hojii, raawwataafi amala raawwataa baratameen akka hintaane hoggansi marti hubachuu qaba.

Dhimma akka kanaa kan raawwataan amala baratame keessaa bahee, kalaqaafi si'aayina goonfate qofti raawwachuun danda'u ta'uu hubachuun hunduu bakkuma jirutti milkaa'ina karoora qabameetiif raawwataa gahumsa qabu ta'uu ykn qopheessuu, akkasumas ofiif fakkeenya ta'uun ji'oota hafan keessatti raawwachuun dirqama.

Galii sassaabuuf xiyyeeffannaan hojjechuu: Mootummaan naannichaa waggoota muraasa darbanitti galii dabaluufta toofaalee gara garaa bocuun hojjechaa tureera. Hojii inisheetivii torbee galii labsuu, ambaasaaddaroota galiifi gibiraa moggaasuu, kaffaloota gibiraa adda dureef beekamtii kennuufi jajjabeessuurratti hojjeten aadaan gibiraafi taaksii kaffaluu daran akka fooyya'u taasisera.

Inisheetivootaaf xiyyeeffannaa kennuun raawwachu: Mootummaan badhaadhina hundagaleessa hawwamu mirkaneessuun kan danda'amu aadaa hojiifi akkaataa raawwii hojii kanaan dura ture keessaa bahuun tarkaanfii haaraan yoo fudhatame qofa ta'uun hubatamuu qaba.

Carraa hojii uumuufi qusannaa jabeessuu: Jijjiiramni hirmaannaa qaamolee garagaraatiin kan milkaa'uu ta'uun hubatamus, gama hundaan karoora hiixataa karoorsuu, humna walootti fayyadamuu akkasumas kalaqaafi si'aayinaan raawwachuun, yeroo gabaabaa keessatti caalaatti milkaa'ina akka goonfachiisu hubatamee hojjetamuu qaba.

Keessumaa, carraa hojii bal'aafi ittifufinsa qabu uumuuf hoggansa amaloota intarpiriyuunarii goonfate horachuun murteessaa waan ta'eef intarpiriyuunarshiippiirratti hojii guddaan ammas hojjetamuu qaba.

Hawaasa aadaa qusannaa cimaa qabu qabaachuun akka naannoottis ta'ee akka biyyaatti dinagdee cimaa ijaaruufta dhimma murteessaadha. Mootummaan Naannoo Oromiyaa, hawaasni biyyattii waan omisherraa hedduu sooratee xiqqaa kan qusatu osoo hintaane hawaasa xiqqaa sooratee hedduu qusachuun egereesaa bareechu ta'ee arguuf xiyyeeffannaan hojjechuun barbaachisaadha.

Sirna bulchiinsaafi tajaajila cimaa diriirsuufi alseerummaa to'achuu: Sirna bulchiinsaafi tajaajilaa cimaa diriirsuun mallattoo mootummaa cimaa sirna jaba'a waan ta'eef kanarrattis xiyyeeffannaan hojjechuu. Akkasumas rakkoo bulchiinsaa gaarii hundeerraa furuu barbaachisa.

Egaa karoora xiiqii kana haaluma irratti waliigalameefi hojiitti seenameen milkaa'inasaatiifis kutannoodhaan hojjechuu barbaachisa. Kanaafis rakkoo naamusaafi malaammaltummaadhaan walqabatee hoggansa gubbaa hanga gadiitti jiraachuun adda bahe maqsuurratti xiiqiidhaan hojjetamuu qaba.

Nageenya ummataaf dursi kennamee, keessattuu qaamolee seeraan ala hidhatanii nageenya boossanirratti tumsa hawaasaatiifi xiiqiidhaan duulli taasifamuu qaba. Xiiqiin milkaa'ina dhala namaa waan ta'eef waan otoo qabnuu ittihinfayyadamneefi otoo hojjechuu dandeenyuu irra tarreerratti xiiqiidhaan haa duulamu.

Yoo xiiqiin nu keessa hinjiraanne sochiin keenya kan yeroo qofa ta'ee mul'ata. Kanaafis karoorri qabame caalaatti hojiidhaan akka mul'atuuf tattaaffiifi si'aayina ittibaluu daran murteessaadha. Isa darbeef gaabbuu otoo hintaane kan egereetiif xiiqiidhaan waan lakkaa'amu hojjechuun murteessaadha.

Yaada



"Misooma qamadii bonaatiin lafa heektaara miliyoona sadiirraa callaa kuntaala miliyoona 100 oltu eegama"

- **Doktar Abiyyi Ahmad**

Natsaannat Taaddasaatiin

Ministirri Muummee Itoophiyaa Doktor Abiyyi Ahmad Wiixata darbe omisha qamadii bona baranaa naannoo Affaaritti ifatti jalqabsiisaniiru. Imala naannichatti taasisaniin iddoo Pirojektii Maaddiin Dhalootaafiin misoomsuuf adda bahe daawwataniiru.

Sirnicharratti haasaa taasisaniin akka jedhanitti, Itoophiyaan biyya lafa qonnaa bal'aa, albuuda ba'ee maallaqatti hinjijjiirameefi humna nama hojjetuufi baratu guddaa qabduudha. Lafi naannoo Affaar akka iji mukaa qoraattii keessa jiruuti. Ija mukaa qoraattii keessa jiru bira geenye nyaataafis ta'e qorichummaafitti fayyadamuuf salphaa miti. Naannichatti waa'ee qonnaa, turizimii, indastirii yeroo yaadnu salphaatti kan bira geenyu utuu hintaane ifaajiifi hojii guddaa nu gaafata. Hojiin misooma qamadii jallsii bonaa jalqabsiifames guddina misooma qamadii biyyaa mirkaneessuu keessatti gahee guddaa qaba.

"Guddinni misooma qamadii bonaa biyyattii baay'ee ajaa'iba. Bara darbe omisha qamadii bonaatiin lafi heektaari miliyoona 1.3 misoomee kan ture yoo ta'u, barana gara lafa heektaara miliyoona sadiitti guddisuuf karoofamee hojjetamaa jira. Kana jechuun kan bara darbeerra lafa heektaara miliyoona 1.7n caala. Akkasumas, omishni qamadii kuntaalli miliyoona 47 kan ta'u argamee kan ture yoo ta'u, barana ammoo callaa qamadii kuntaala miliyoona 100 oltu eegama" jedhu.

Omishni qamadii bonaafi gannaa lafa heektaara miliyoona 600 ol ta'uu eeranii, haalli roobaafi qonna bara 2015/16 baay'ee gaarii turuufi yeroo ammaa iddoowwan hedduutti omishni qamadii kun sassaabamaa jiraachuu himu. Omisha qamadii gannaa qofarratti hundaa'uu utuu hintaane saffisaan omisha qamadii bona jalqabuu akka barbaachisuufi Naannoo Affaar lafa bal'aafi bishaan gahaa omisha qamadii bonaaf oolu qabaachuu kaasanii, lafaafi qabeenya uumamaa jiruutti fayyadamuun karoora omisha qonna qamadii akka biyyaatti qabame milkeessuuf hojjetamuu akka qabu hubachiisu.

Omisha qamadii bonaafi gannaa caalaatti guddisuudhaan allergii qamadiirra darbee wantoota baay'eefta oolchuu akka danda'amu himanii, karoora omisha qamadii daran guddisuuf qabame milkeessuuf bakka hundattuu omisha qamadii bonaafi gannaa babal'isuurratti xiyyeeffachuun hojjechuu akka barbaachisu ibsu.

Itoophiyaa kadhaa midhaan nyaataarraa bilisa taasisuuf naannoleen hunduu xiyyeeffatanii hojjechuu akka qaban hubachiisanii, hojiileen misooma qonnaa, maaddii guutuufi ashaaraa magariisaa raawwatamaa jiran walitti ida'amanii badhaadhina biyyattii kan mirkaneessan ta'uu eeru.

Akka Doktor Abiyyi jedhanitti, pirojektii maaddiin dhalootaafi jedhu marsaa kanaan iddoowwan filataman kan kanaan duraarra fooyya'oo ta'uufi pirojektii kanaanis Arbaa Minci, Jimmaa, Naannoo Kibba Lixa Itoophiyaa, Walloo, Tigraay, Somaaleefi Affaaritti iddoowwan mimmiidhagoo hawwata turistiif oolan adda ba'uu kaasu.

Affaaritti iddoon Pirojektii Maaddiin Dhalootaafiin misoomsuuf adda bahe iddoo omishni paalmii itti adeemsifamaa jiruufi daandiin saffisa haaraa Awaashiifi Jibuutii walagarisuu hojjetamurraa kiilomeetira 25 fagaatee argama jedhanii, bakki adda bahe kunis Paarkii Asabootiifi Paarkii Awaash gidduutti akka argamu ibsu. Bakkichi bishaan danfaa, simbirroota, bineensota bosonaa, omisha paalmii, margaafi lafa qonnaa bal'aadhaan marfamee akka argamuufi bakka miidhagaa hawwata turizimiif oolu akkasii utuu jiruu midhaan nyaataa kadhachuun sirrii akka hintaaneefi qabeenya uumamaa jiru misoomsuun itti fayyadamuurratti hanqinni guddaa jiraachuu dubbatu.

"Naannoon Affaar gammoojjummaadhaan beekama. Naannichi iddoowwan hawwata turistii Daalool, Ertaalee akkasumas iddoo argama dhala namaa (Luusii)fi iddoowwan seena qabeessa uumamaa mijatoofi lafa qonnaa bal'aa qabu ta'uun beekama. Lagni Awaash kan fagaatee yaa'uu ykn biyyaa ba'uu hinbarbaanne naannicha keessatti argama. Laga kanatti fayyadamuudhaan naannicha daran misoomsuufi jijjiiruu dandeenya. Naannichi iddoowwan misooma jallsii bal'aa, omisha albuudaafi hawwata turizimii hedduu waan qabuuf daran misoomsuufi jijjiiruu dandeenya" jedhu.

Qaama hojii 'Maaddiin Dhalootaafi' jedhu kan ta'e Pirojektii Loojii Paalmii Ispiriingii Ni'iillee jalqabsiisuuf dhagaan bu'uraa kaa'ame waggaa lama booda xumuramee iddoo bashannanaafi hawwata turizimii filatamaa ta'uun tajaajila kennuu akka jalqabu himanii, humna guutuu jiru hojii misoomaafi oolchuun utuu danda'amee imala Itoophiyaa gara badhaadhinaatti ceesisuuf eegalame yeroo gabaabaa keessatti milkeessuun akka danda'amu eeru.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'ee.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii 1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waasihuun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

ODUU

Naannichatti invasteroota kuma 30 simachuuf karoorfameera

Taammiruu Raggasaatiin

Finfinnee: Naannoo Oromiyaatti bara bajataa 2016tti invasteroota kuma 30 simachuuf karoorfamuu Biiron Investimantiifi Industirii Oromiyaa beeksise.

Hogganaa Ittaanaan biirichaa Obbo Ermiyaas Dannaqaa ibsa kaleessa Dhaabbata Piresii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, Oromiyaan naannoo potenshaala investimantii olaanaa qabu waan ta'eef waggaa tokko keessatti invasteroota kuma 30 simachuuf karoorfameera. Qabeenya uumamaa bal'aa qabuufi giddugalessa biyyattiitti argamuunsaa investimantiif filatamaa isa taasisa.

Carraa jirutti fayyadamuun biirichi karoora hiixataan qopheessera jedhanii karoorri waggoota soddoman darbanitti qabamaa



Obbo Ermiyaas Dannaqaa

ture yoo walitti ida'ame hamma baranaa akka hingenye eeraniiru.

Karoora kana keessatti qonnaan bultoota kuma 21, Waldaalee Hojii Gamtaa 705, Intarpiraayizii Maykiroo xixiqqoo 3000fi abbootii qabeenya 4500 hojii

investimantiitti galchuun qarshii biliyoona 770 galmeessisiisuuf karoorfameera.

Akka ibsasaaniitti, pirojektinni investimantii kunniin guutummaatti gaafa hojiitti galan carraan hojii lammiilee kuma lamaa oliif ni uumama. Pirojektota biirichi simachuuf karoorfate kana keessaayis seektara qonnaarratti kuma 707 ol, agroo industirii kuma 5,172, maanufaakcharingii 3,141fi tajaajilarratti kuma 13 ta'uu eeran.

Xiyyeeffannoon hundaa ol maanufaakcharingiiratti ta'us, humni invasterootaafi haalli jiru manufaakcharingiirra seektara tajaajilaaf salphaafi mijataa waan ta'eef biirichi tajaajilarrattis karoora guddaa qabateera jedhan.

Hanqinni galtee sababa hanqina sharafa alaatiin mudatu yeroo ammaa sochii investimantii naannichaatiif hudhaa

guddaa ta'uu kan eeran obbo Ermiyaas rakkoo kana furuuf galteewwan alaa galan biyya keessatti omishuun bakka buusuuf xiyyeeffannoo addaatiin hojjetamaa jira jedhan.

Sochii simannaa investimantii kana keessatti qonnaan bulaa Waldaa Hojii Gamtaan gurmeessuun gara investimantiitti ceesisuuf waan argaturraa qusatee omisha omishurratti sona dabalee gara investimantiitti akka galuuf paakeejii deeggarsaa laachuun xiyyeeffannoon hojjetamaa jira.

Karooricha milkeessuuf birokiraasii mana mootummaa keessatti kanaan dura sochii investimantii danqaa turan haala dhamsiisuu danda'urratti mariifi caasaalee garaagaraa qopheessuufi karooricha qooda fudhattoota waliin karoora waloo godhachuun hojiitti galamuu Obbo Ermiyaas ibsaniiru.



Godina Shawaa Lixaatti lafa hektaara kuma 800 olirraa callaa kuntaala miliyoona 25.3tu eegama

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Godina Shawaa Lixaatti lafa hektara kuma 800 oli qotuun callaa kuntaala miliyoona 25.3 walitti qabuuf karoorfachuu waajjiri qonnaa godinichaa beeksise. Garbuu lafa hektaara kuma 66 irratti addatti kilaastaraan omishuuf karoorfachuu ibseera.

Hogganaan waajjirichaa Obbo Tarrafaa Araarsaa tibba darbe Dhaabbata Piresii Itoophiyaaf akka ibsanitti; godinichi godinaalee waggaa rooba gahaa argatan keessaa tokko yommuu ta'u asiidummaa biyyeen daran hubamaadha. Rakkoo kana maqsuuf bara 2006 irraa eegalee nooraa fayyadamaa jiru. Hanga ammaattis nooraan kuntaalli kuma 143 ol qonnaan bultoota godinichaa kuma 10 bira dhaqqabeera.

Lafti godinichaa irra jireessaan asiidawaa waan ta'eef omishaafi omishtummaansaa waggaa gara waggaa hir'achaa dhufuu eeranii; inumaayyuu qonnaan bultoonni duraan garbuufi midhaan garagaraa omishaa turan lafichi omisha kennuu waan dideef mosee qofa omishaa jiraachuu ibsaniiru.

Haa ta'u malee, yeroo ammaa asiidummaa biyyee kana maqsuuf aanaalee godinicha 23 keessaa nooraan aanaalee 22 dhaqqabuu himanii; barana lafti duraan omisha kennuu dide haala ajaa'ibaatiin misoomaa akka jirus dubbataniiru. Haaluma kanaan qamadiin hektaarii 400 yeroo jalqabaaf Aanaa Walmaraatti kilaastaraan misoomaa jiru agarsiistuu tokko ta'uu hubachiisaniiru.

Godina kanatti hanqina xaa'oo akka biyyaatti jiru furuuf xaa'oon uumamaa/vermin kompostiin bal'inaan qophaa'ee



Obbo Tarrafaa Araarsaa

hojiirra oolaa jira. Ummatni godinichaa barbaachisummaa xaa'oo uumamaa kana hubatee hirmaannaa ho'aa taasisaa jira. Lafa dhangagga'aa/asiidawaa omisha hinkennine gara misoomaatti jijjiiru nooraa hubatees nooraa fayyadamuuf fedhii olaanaa qaba. Ta'us fedhiin nooraaf jiruufi dhiyeessiin waan walhinsimneef dhiyeessiiratti yaadamuu qaba jedhaniiru.

Ittigaafatamaan Warshaa Nooraa Gudar Obbo Fiixaa Kumsaa gamasaaniin akka jedhanitti, warshichi guyyaatti nooraa kuntaala kuma tokkoofi 600 omisha. Waggaa kana nooraa kuntaala kuma 150 omishuuf karoorri qabamee Fulbaanaa hanga ammaatti nooraa kuntaala kuma 40 omishuu danda'aniiru. Nooraas ta'e vermin kompostii godinaalee Oromiyaaf kan raabsu warshaadhuma kana.

Fedhiifi dhiyeessii jiru walsimsiisuuf barana maashinootni haaraan miliyoona 257n biyya alarraa galuu himanii; gama carraa hojiinis dhaabbiin hojjetoota 24f akkasumas hojii guyyaan hojjetoota 148 walumaagalatti namoota 172 carraan hojii uumamuu yaadachiisaniiru.

"Karoora qabame milkeessuuf Oromiyaa guutuutti mariin hawaasa hirmaachise ni taasifama"

- Doktor Biqilaa Hurrissaa

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Karoora xiiqii qabame hojiitti hiikuuf ji'oottan ittaanaan Oromiyaa guutuutti hawaasa sadarkaan jiru waliin mariin akka taasifamu Waajjira Paartii Badhaadhinnaa Damee Oromiyaatti, Ittigaafatamaan Siyaasaa Doktor Biqilaa Hurrissaa ibsan.

Hojii misoomaafi nageenyaarratti walhubannoo hoggansi ilaalchaafi gochaan qabu yeroo gara yerootti cimaa dhufeeras jedhaniiru.

Doktor Biqilaan qorannoo hojii mootummaafi paartii naannichaa magaalaa Adaamaatti adeemsifameen kallattii fuulduraa kaa'ame ilaalchisee tibba darbe midiyaaf wayita ibsa kennan akka jedhanitti, misooma tarkaanfachiisuufi nageenya kabachiisuurratti hoggansi gochaafi ilaalchaan walhubataa jira. Malaammaltummaafi ilaalchi badaan misooma naannichaa boodatti harkisaa tures daran gad bu'eera. Ta'us karoora xiiqii qabame saffisa barbaadameen hojiitti hiikuurratti ammayyuu rakkoon jira.

Waan xixiqqaan xaxamuun dandeettiifi beekumsa qaban hojiitti hiikuun rakkoo ummataa furuurratti ammas hoggansa tokko tokko biratti hanqinni jiraachuu himanii, hojii duulaan hojjetamuufi waan xixiqqaatti yeroofi qabeenya qisaasesuu keessaa ariitiin ba'uun dirqama ta'uu jala sararaniiru.

Seenessa obbolummaafi aadaa qusannaa cimsuu, hirmaannaafi fayyadamummaa misoomaa ummata naannichaa, qulqullina barnootaa mirkaneessuu, invasteroota haaraa harkisuu, galii naannichaa gabbisuu, sirna bulchiinsaa ammayyeessuufi alseerummaa ittisuu, pirojektii buleeyyii saffisaan xumuruu, tajaajila si'ataa diriirsuufi nageenya naannichaa tasgabbeessuun hojii ji'oottan ittaanaan xiyyeeffannaa addaan raawwataman ta'uu ibsu.

Kufaatii sirna barnootaa akka biyyaatti



mudate maqsuuf naannichi galtee barnootaa guutuu, qulqullina manneen barnootaa dabaluu, sirna hoggansa barnootaafi barsiisotarratti xiyyeeffannaa addaan hojjechuuf kallattiin kaa'amu yaadachiisani, lafa seeraan ala qabame bakka barbaachiseetti seeratti deebisuu bakka rakkoo qabutti ammoo tarkaanfiin seeraa hojiirra akka oolu himaniiru.

"Sirni kaadaastara lafaa, magaalota 23 keessatti bara kana ni xumurama; lafa baadiyyaa seeraan ala qabamee qonnaan babal'aan irratti adeemsifamaa jirurratti tarkaanfiin seeraa ni fudhatama. Omishaafi omishtummaa dabaluu alatti omisha sassaabuurratti xiyyeeffannaa addaan ni hojjetama" jedhu. Hundaa ol nageenya naannichaa mirkaneessuuf milishaafi gaachana sirnaa leenjisuufi hidhachiisuurratti kan hojjetamu ta'uu himanii, namoota hawaasa keessa taa'anii qaamolee hidhatanii socho'aniif deeggarsa barbaachisaa taasisanirratti qabsoo cimaan hawaasa hirmaachise akka taasifamus dubbataniiru.

Carraa hojiifi misooma waloo naannichaa mirkaneessuuf invasteroota harkisuurratti hojiin bal'aan akka hojjetamu kan ibsan ittigaafatamaan kun, kan lafa fudhatanii osoo misoomatti hinseenin dalleessanii jiranis hojiitti kan galchan ta'uu ibsaniiru.

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Onkoloolessa 24 Bara 2016



**Karoora
xiiqii carraa Oromiyaan
qabdurraa madde**

fuula **11**



**“Paarkiiwwan indastirii keessatti
hirmaannaan dureeyyota biyya keessaa
gadaanaadha; warra fedha qaban kamiifuu
ammayyuu karri keenya banaadha”**

- *Aadde Sannaayit Mabree*

fuula **6**



**Gaalarii
Shuumataa:
Dhaabbata hambaalee
seenaa sabootaa
waggaa 50 dura
Finfinneetti hundaa'e**

fuula **8**



Dhaabbata Abbagaar Ummataa Itoophiyaa wajjin Walta'uun torban torbaniin kan dhiyaatuudha

Raawwii hojii kurmaana 1ffaa bara bajataa 2016 Dhaabbata Abbagaar Ummataa Itoophiyaa Damee Oromiyaa

Kaayyoon Dhaabbata Abbagaar Ummataa Itoophiyaa Mirgoonni namootaa seeraan tumamaniifi faayidaaleen qaamolee raawwachiistotaatiin kabajamuu mirkaneessuudhaan; bulchiinsi mootummaa gaariin qulqullina, si'aayaafi iftoomina qabuufi olaantummaa seeraarratti hundaa'e akka dhugoomu gochuudha. Bu'uuruma kanaan raawwiin hojii dhaabbatichaa kan kurmaana jalqabaa akka ittaanutti dhiyaateera.

Dhaabbatichi iyyatawwan fudhatee qorannoo irratti geggeessuufi yaada furmaataa (murtii kennuu)

Galmeewwan bara 2015 irraa as ce'an 16, karoora simannaa iyyata 140, raawwiin 100. Karaa iyyatoonni dhiyaatan qaamaan 42, bilbilan 45, bakka bu'aadhaan torba, telegiraamiidhaan shan, poostaadhaan tokko, waliigalaan 100.

Baay'ina galmee iyyannoo dhiyaatee korniyaan: Dhiira 194fi dubartii 51 yoo ta'u, kan addaan hinbaafamne 7,423, waliigalaan 7668; baay'inni galmee fudhatama argatanii qorannoo qajeelfamani 20 yoo ta'u, kanneen keessaa tokko qorannoo duraatiin furmaata argateera.

Iyyatoonni otoo sadarkaasaanii eeggatanii hindhiyaanne 20 yoo ta'an, 29 ammoo

iiyatawwan fudhatama hinarganneedha. Iyyatoonni sababoota adda addaatiin fudhatama hinarganne 59 ta'uun ibsameera.

Akaakuuwwan iyyannoo dhiyaatanii, kan qabiyyee 54, tajaajila argachuu 21, hojii 14, dhimmoonni adda addaa sagal, sooramaa lama, walumaagalatti 100 jechuudha. Iyyatoonni fudhatama argatan akaakuudhaan tajaajila argachuuf saddeet, hojiin jaha, jijjiirraan afur, qabiyyeen lama, mindaan tokko, waliigalaan 21 ta'uun eerameera.

Qabiyyeen iyyatawwan dhiyaatanii yoo ilaalle, karoorri 140 raawwiin 100; kanneen keessaa iyyatoonni 59 warra aangoo dhaabbatichaatii ala ta'aniidha. Iyyatoonni 21 qorannoo qajeelfamaniiru.

Galmeewwan miidhaan akka hinjirre mirkanaa'ee murtiin kennameef torba. Galmeewwan miidhaan raawwatamuun mirkanaa'ee irraddubbannoodhaan furmanni kennameef jaha. Galmeewwan miidhaan jiraachuun qorannoodhaan mirkaneffamee yaadni furmaataa kennameef 12 yoo ta'an, kan miidhaan bulchiinsaa raawwatamuun mirkanaa'ee qorannoo duraatiin furmaanni kennameef galmee tokko. Galmeewwan gaaffii warra iyyata dhiyeeffateefi sababoota adda addaatiin addaan citan hinjiran. Waliigalaan galmeewwan 26 jechuudha.

Galmeewwan qorannoon irratti adeemsifamaniifi furmaanni kennameef

Galmeewwan kurmaana jalqabaa kanatti qorannoon irratti adeemsifameefi furmaanni kennameef yoo ilaallu, kan naanna'e hinjiru. Galmeewwan oliyyannoodhaan dhiyaatan afur, murtiin jalaa kanitti ragga'e afuri. Waliigalaan galmeewwan afurirratti qorannoon kan taasifame yoo ta'u, 26 furmaatawwa argataniiru. Galmeewwan 11 adeemsarra kan jiran yoo ta'u, kurmaana kanatti galmeewwan 21 kanneen qorannaa jalqabaatiin furmaniifi qorannaa ittaanuuf qajeelfamaniidha. Ji'oota sadan darbanitti galmeewwan 12 furmaata kan argatan yoo ta'u, kan korniyaan addaan hinbaafamne 14.

Bu'aalee yaada furmaataa kennamanirraa argaman

1. Yaadni furmaataa galmee Aadde Alam Ejjetaarratti iyyannoon iyyattuun dhiyeessaniifi qorannoo hojii qulqulleessaa deebii waajjira waamamaadhaan kennamerratti taasifameen iyyatuun sadarkaa XII irratti shallaggiidhaan mindaan qabadheen ramaddiin kan naa kenname yoo ta'u, yeroo waanin ulaagaa bakkichaa guuteef mindaan bakkichaa kaffalamuu qabu akka naan hinkaffalamne gochuusaanii seeraqabeessa waan hintaaneeff

miidhaan bulchiinsaa raawwatamuu qorannoodhaan waan mirkanaa'eeff bu'uura seeraatiin kaffaltiin bakka ittiramadaman, sadarkaa XII'f kaffalamu akka kaffalamu yaada furmaataa kennameen waajjirri waamamaan fudhatee waan raawwateef iyyattuuf ka'umsi mindaa sadarkaa XII akka kaffalamuuf taasifameera.

2. Yaadni furmaataa iyyannaa Aadde Yaneenash Yaadasaa diyeesaniirratti kenname iyyata dhiyeessaniifi hojii qorannoo qulqulleessa deebii waajjira waamamaatiin kennamerratti taasifameen bakkan shallaggiidhaan sadarkaa XII irratti kanin ramadame yoo ta'u, ammaan tana ulaagaa bakkan itti ramadame kanaaf barbaachisu waanin guuteef akkan mindaa bakkichaa ramadame hinarganne taasisuusaanii seeraqabeessa waan hintaaneeff miidhaan bulchiinsaa raawwatamuun qorannoodhaan waan mirkanaa'eeff bu'uura seeraatiin iyyattuuf bakka ramadamanitti mindaan sadarkaa XII akka kaffalamuufiif yaada furmaataa kennameen waajjirri waamamaan iyyattuuf mindaa ka'umsaa sadarkaa XII (12) akka kaffaluuf taasifameera.

Ittifufa

KEESSUMMAA BARIISAA

“Paarkiiwwan indastirii keessatti hirmaannaan dureeyyota biyya keessaa gadaanaadha; warra fedha qaban kamiifuu ammayyuu karri keenya banaadha”

- Aadde Sannaayit Mabree

Saamraawiit Girmaatiin

Mootummaan dinagdee biyyattii qonnaan utubamu gara indastiriitti ceesisuuf hojii baay’ee hojjetaa tureera; hojjetas jira. Kanneen keessaa paarkiiwwan indastirii babal’isuufi misoomsuun carraa hojii bal’aa uumuurra darbee dinagdee biyyaa akka utubaniif hojii bal’aan hojjetaa jiru ni eerama. Hojiin kunis sadarkaa federaalaarraa kaasee hanga naannoleetti xiyyeeffannaadhaan kanirratti hojjetamaa jiruudha.

Kunis haala caasaafi gurmaa’insa eeggateen akka deemuuf jecha Korporeeshinii Misooma Paarkiiwwan Indastirii hundeesuun hojiin hojjetamaa jiru ni jira. Akka Oromiyaattis korporeeshiniichi waggaa muraasa dura kan hundaa’e yoo ta’u, haala qabatamaa amma irra jiruufi sochii hojjiisaa ilaalchisuun Raawwachiistuu Hojii Korporeeshinii Misooma Paarkiiwwan Indastirii Oromiyaa Aadde Sannaayit Mabree keessummaa keenya torban kanaa taasifanneerra; dubbisa gaarii!

Bariisaa: Yeroo keessaniif galatoomaa jechaa, mee dubbistoota keenyaan walbaraa. Eessatti dhalattanii, guddattan, barattan?

Aadde Sannaayit: Hayyee isinis galatoomaa jechaa, ani Sannaayit Mabree Goffeen jedhama. Kanin dhaladhe Godina Shawaa Kaabaa, Aanaa Dagamitti. Barnootakoos sadarkaa tokkoffaafi lammaffaa manneen barnootaa Finfinneefi iddoowwan gara garaatti argamanittin baradhe.

Barnoota sadarkaa olaanaa digriikoo jalqabaa Yunvarsitii Arbaaminicitti akaakuu barnootaa Lammummaafi Amala Gaarii (Civics and Ethical Education), digriikoo lammaffaa Yunvarsitii Finfinneetti Saayinsii Siyaasaafi Hariiroo Biyyoolessaa (Political Science and International Relations)n baradhe. Ammammo digriikoo sadaffaa Yunvarsitii Haramaayaatti Nageenyaafi Misooma (Peace and Development) hordofaan jira.

Bariisaa: Muuxannoo hojii keessanis osoo nuu kaastanii?

Aadde Sannaayit: Akkuman yunivarsiitidhaa ba’een Yunvarsitii Bulee Horaatti barsiisummaadhaanin mindeeffame. Achittis gara waggaa afuriin tajaajile. Isaa boodammoo jijjiirraadhaan gara Yunvarsitii Salaaleetti dhaqee waggaa tokkoof barsiise. Yunvarsitiwwan lamaanitti barsiisummaa maddiitti sadarkalee gaggeessummaa addaddarra hojjedheera.

Kanneen keessaa kanin gara dhumaarratti hojjedhe eeruuf, Yunvarsitii Bulee Horaatti Diinii Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Namummaa (Social Science and Humanity) ta’ee waggoota lamaaf hojjedheera. Yunvarsitii Salaaleettis barsiisummaan cinaatti, daarektara kominikeeshinii yunivarsiitichaa ta’ee tajaajileera.

Ergan Salaaleedhaa ba’ee barnootakoo barachaa gara Mootummaa Naannoo Oromiyaatti dhufee waggaa tokkoof Hoggantuu Ittaantuu Biiroo Investimantiifi Indastirii Oromiyaa ta’ee hojjedheera. Amma ammoo Gaggeessituu Hojii Korporeeshinii Misooma Paarkiiwwan Indastirii Oromiyaa



Suurii: Iyyoob Tafariitiin

ta’een hojjetaa jira.

Bariisaa: Yeroo barattan maal ta’uu hawwaa turtan? Bakka hawwii keessaniwoo geessaniittuu?

Aadde Sannaayit: Hawwiin ijoolummaa baay’eedha. Waanuma arginu ta’uuf hawwiina. Anis namoota akkasii keessan ture jechuun danda’a. Namoota gaafa doktara argan doktara, gaafa artistii argan artistii ta’uu hawwan jechuudha. Gaafan guddadhee of ibsuu jalqabu keessumaa yeroon sadarkaa lammaffaa baradhu gaazexeessituun ta’a jedheen yaadaa ture. Wantumti ani gochaa turellaa gara sanatti na harkisa; Yerookoo gara caalus miidiyaarrattin dabarsaa ture.

Gaafan yunivarsiitii galee hojii barsiisummaafi hojiilee tokko tokko keessatti hirmaachuu jalqabummoo ofin argadhe jedheen yaada. Akkan dandeettii gaggeessummaa sirrii qabun hubadhe. Waan laman ta’uu danda’a jedheen amana. Jiruu kiyyaaf hojjechuu nan danda’a; inni biraan hogganuu ykn qajeelchuu nan danda’a. Yoon yeroo argadhe garuu gaazexeessummaas nan yaala.

Bariisaa: Maatii keessaniif intala meeqaadha, obbolaa meeqaawoo qabdu?

Aadde Sannaayit: Maatiikoof intala saddeettafaafi ishee dhumaati. Obboleewwan durbaa ja’aafi dhiiraa tokkon qaba.

Bariisaa: Gara hoggansaatti akka dhuftaniif maatii keessaa namni fakkeenya isinii tahe jiraa?

Aadde Sannaayit: Gara hoggansaafi siyaasaatti akkan dhufuuf fakkeenya kan naaf tahe obboleessakoo hangafaati. Obboleessikoo maatii keenyaaf qofa osoo hintaane ijoolleedhuma naannawa keenyaafillee akka fakkeenyaatti kan ilaalamuudha.

Bariisaa: Sadarkaa hogganummaa amma irra geessaniin walqabatee umuriidhaanis dargageettiidha. Umuriin, dubartummaafi hoggansi akkamiin ibsama?

Aadde Sannaayit: Hoggansi ofitti himuudha. Wanti akka mootummaattis ta’e garee tokkootti

kana hojjedhu jedhamee sii kennamu akkuma jirutti ta’ee, inni guddaan ani kanaaf ga’adha jedhanii of amansiisuudha; kennaankoo isa jedhanii fudhachuudha. Saayinsiiin hoggansa jechuun gaggeessuu ykn dhiibbaa gaarii uumuu, namoota kaanirratti jijjiirama amalaa fiduufi amansiisuudha jedhee ka’a. Kana keessatti dandeettiifi ilaalamni ofiif qabdu murteessaadha.

Kanaaf ani waan ulfaatuudha jedhee hin yaadu. Sababnisaa wantoota baay’een akka ta’an kan taasise dhala namaa waan ta’eef. Fakkeenyaaf akka nyaati nyaata ta’u kan taasise nama. Waantota addunyaa kanarra jiran dhala namaatu fide jechuudha (uumamaan ala jiran jechuuti kooti). Sana keessaa tokko gaggeessummaadha. Namoonni wal hogganuu, waa hogganuu akka danda’an qajeelfamaan kan kaa’e nama. Kun dubartii ykn dhiiraa kan kenname osoo hintaane, namuma hundaaf kan kennameedha.

Yeroo baay’ee ilaalchaafi barmaata hawaasa keessa jiru, aadaa, amantii keenyaafi kkf tu walitti daddabalamee dubartootarratti dhiibbaa uume malee uumamaan waa hundi qixa nuu kenname. Kana jechuun addaddummaan baayolajikaalawaa hinjiru jechuu miti. Hoggansi garuu isa kana keessa hinjiru. Hoggansi gahee hojiiti malee korniyaadhaan kan kenname miti.

Bariisaa: Kennaakoo argadheera jettaniittu. Bakka ga’uu yaaddan ga’eera jettanii moo akka waa isin hafutti yaaddu?

Aadde Sannaayit: Namni hundi ilaalchota addaddaa qabaachuu mala. Hoggansi sadarkaa qaba. Godaa kaateetu ol dhufu. Namnis kan yaadu bakka har’a irra jirurra kan caalu malee isaa gadi miti. Ani garuu ilaalcha kanarraa adda ta’en qaba.

Bakkan kana dura irra jirurra ta’e amma irra jirurratti, “Lakkii kun nan ga’uu, sichi kan biraatu na eeggata” jedhee yaadee hinbeeku. Yeroo baay’ee iddoon jirurratti gammadduudha. Yoo iddoon jiru na hinquufsi hinhojjedhu. Sababiinsaa ani akkuman muuxannookoo sii kaasee hojiilee

addaddaa hojjedhee jiraachuun danda’a.

Waliigala iddoon amma irra jiru kun na gita jedheen amana; kun namoota biratti ilaalama sirrii ta’uu dhiisuu danda’a. Garuu bakkan amma jiru kanatti wantooti ani sirreessuu malu hedduun jiraatanis muuxannoofi sadarkaan qabuun kun anaaf ga’adha.

Bariisaa: Mee gara dhaabbata amma hogganaa jirtaniitti haa dhufnuutti, Korporeeshinii Misooma Paarkiiwwan Indastirii Oromiyaa akkamiin dubbistoota keenyaaf ibsitu?

Aadde Sannaayit: Akkuma maqaansaa agarsiisu, dhaabbanni keenya dhaabbata sadarkaa korporeeshiniitiin hundaa’eefi mootummaadhaan hogganamuudha. Hogganuu qofa osoo hintaane misoomsuufi waa hundasaa kan bulchuudha. Misoomsuunis karaa lamaan ta’uu danda’a; kunis karaa mootummaafi abbootii qabeenyaa waliini.

Kaayyoon hundeeffamasaa paarkiiwwan indastirii addaddaa Oromiyaa keessatti misoomsuu yoo ta’u, erga hundaa’e waggoota afran darbaniif haala kanaan hojjetaa jira. Kana keessattis abbootii qabeenyaa affeeruun hojiitti akka seenamuuf ni hojjeta.

Bariisaa: Paarkiiwwan indastirii misoomsuun kun bu’aa akkamii qaba?

Aadde Sannaayit: Faayidaa hedduudha kan qabu. Akka fakkeenyaatti carraa hojii uumuu, alergii guddisuun sharafa alaa argamsiisuu, meeshaalee alaa galan omisha biyya keessaatiin bakka buusuun baasii bahu hambisuu, hariiroo dinagdee addaddaa uumuufi kanneen biroos kaasuu ni danda’ama. Keessattuu indastiriin agroo ykn indastirii qonna qinda’aa amma hojjetamaa jiru qonna biyyattii gara indastiriitti ceesisuu keessatti shoora olaanaa qaba.

Bariisaa: Indastirii misoomsuun durumayyuu ni jira. Haala kanaan korporeeshiniidhaan hundeesanii hojjechuu maaltu adda taasisa?

Aadde Sannaayit: Waantota lama kaasuu dandeenya. Fakkeenyaaf akka Oromiyaatti Biiroo Investimantiifi Indastirii Oromiyaa fudhachuu dandeenya. Biiroon kun abbootii qabeenyaa dhuunfaatiifi eeyyama investimantii kennee, qaama dhimmi ilaallaturraa lafa fudhatanii akkasaan misoomsan taasisa. Akkasaan hojiitti seenaniifis deggarsawaniifi leenjiiwwan addaddaa ni kenna. Abbootii gahee wajjinis akkasaan hojjetaniifi rakkoon yoo jiraate akka waliin mari’ataniif waltajjii ni mijeesa.

Keenya kun garuu intarpiraayiziidha. Kana jechuun dhaabbata biiznasiiti jechuudha. Gaheen ce’umsa dinagdee keessatti taphachuu qabnu akkuma jirutti ta’ee galiidhaafis ni hojjenna. Ni misoomsina, isa misoomme ammoo ni kireessina. Abbaa qabeenyaa waliin yemmuu hojjennus galiin argannu jira.

Kanaaf akka korporeeshiniitti qarshii maddisiisuufi galiin argachuuf hojjenna jechuudha. Kanaan indastiriin akka naannootti akka babal’atuuf gumaacha ni taasifna, galiis ni guddifanna. Kanaaf dhaabbati keenya dhaabbata bu’aaqabeessa ta’e, bu’aansaammoo dinagdee biyyarraatti waa dabaluu danda’uudha.

KEESSUMMAA BARIISAA

Bariisaa: Erga hundaa'ee yeroo gabaabaa ta'uu kaastanittu. Kanuma keessatti karoorra as dhihoo qabate milkeeffatee bakka ga'uu qabu ga'eera jechuun ni danda'amaa?

Aadde Sannaayit: Dhugaa dubbachuuf, waan yaadamee hundaa'e sanarra ga'eera jechuu hindandeenyu. Dhaabbata reefu dhalateedha. Kanneen eegalaman reefu ijaarsisaanii xumurama, kaansaaniimmoo ijaarsarra jiru. Akka barbaadamutti hojii guutuutti hingalle. Waggaa lamaan sadan kana humna guutuudhaan hojiitti seenu jennee yaadna. Fakkeenyaaf Paarkii Indastirii Qonna Qindaa'aa Bulbulaa waggaa lama booda humna guutuudhaan hojiitti seena jedhamee eegama.

Hanga yoonaa aangoo dhaabbata keenyaaf kennameen hojii misoomsuu raawwataa turre jechuudha. Misoomsuu jechuun ijaaru qofa osoo hintaane bu'uraalee misoomaa hunda guutuu, sheediifi mana jireenyaa ijaaruufi kkf dabalata. Kanaa booda sirriitti hojiitti kan seenu ta'a. Kanaaf bu'aaqabeessummaansaas sana keessatti ilaalama.

Bariisaa: Kanneen ijaarsarra jiran dabalatee, Oromiyaa keessa paarkiiwwan indastirii meeqatu jira? Eessa eessattis argamu?

Aadde Sannaayit: Ammatti kanneen korporeeshinii keenya jalatti bulan lama qabna. Isaanis Paarkii Qonna Qindaa'aa Bulbulaa ijaarsisaa xumurameefi Paarkii Qonna Qindaa'aa Naqamtee ijaarsarra jiruudha. Kanneen malee magaalota ja'a keessatti (Maqii, Shaashamannee, Dodolaa, Itayyaa, Baalee Roobeefi Oolancitii) sadarkaa giddugala ce'umsa baadiyyaatiin kan misooman jiru.

Kunneenis bal'inni lafasaanii kanneen guguddoorra haa xiqqaatu malee waan paarkiiin tokko guutuu qabu ni qabu. Kanneen keessaa kan Maqii Shaashamannee waa hundi xumuramee abbootiin qabeenyaa itti seenaa jiru. Kaan adeemsarra jiru.

Bariisaa: Paarkiiin Qonna Qindaa'aa Bulbulaa erga xumurameera jedhamee tureera. Amma maalitti jira? Wayita ammaa humna guutuun hojiitti seenuu hinqabuuyyuu?

Aadde Sannaayit: Paarkiiin kun misoomfamaa ture. Hojiitti seenuu qaba ture yoo baay'atee baay'ate waggaa tokkoo dura. Kun daran harkifateera kan jechisiisu ta'uu baatus akka hojiitti hinseenneef wantoonni gufuu itti ta'an hedduun turaniiru. Akka fakkeenyaatti, harkifannaan abbootii qabeenyaa, indastirii paarkii mootummaa kun kan barame ta'uu dhabuun, nyaata qindeessurratti hojjetamaa kan hinturre ta'uun, liqiin baankii akka barbaadametti argamuu dhabuun, bu'uraaleen misoomaa akka barbaadameetti guutumuu dhabuufi kkfn akka sababaatti ka'u. Ta'uus kanneen bara darbe sheedii fudhatan garuu amma maashinariwwan addaddaa dhaabani sochii eegalaniiru.

Bariisaa: Paarkiiin Qonna Qindaa'aa Naqamteewoo sadarkaa maaliirra jira?

Aadde Sannaayit: Kan Naqamtee ijaarsisaa jalqabee jira. Rakkoo karaa kontiraaktaraatiin nu mudate wajjiin walqabatee yeroo gabaabaaf addaan citee ture. Amma rakkoo sana hiikuun hojiinsaa deebi'ee eegaluu jedha. Waggaa tokko/lama booda hojii ni eegala jennee yaadna.

Bariisaa: Kaka'umsi abbootiin qabeenyaa paarkiiwwan kanneenitti fayyadamuuf agarsiisan hanga yaadameen deemaa jira jechuun ni danda'amaa? Keessumaa

indastirii naannawa Finfinneefi magaalota guguddootti waan baramaniif fagaatanii deemuu wajjin walqabatee rakkoon hinjiruu?

Aadde Sannaayit: Fedhii hinqaban jennee kaasuu hindandeenyu. Sababnisaas ammayyuu invastaroota 29 qabna. Kana jechuun %30n qabameera jechuudha. Kunneen boordiidhaan murtaa'efi waliigaltee mallatteessanii, lafa fudhatanii kanfaltii duraa irraa eegamu kanfalaniiru.

Kun akka lakkoofsaatti guddaadha. Namni tokko hamma heektaara shanii fudhatetu jira. Kun waan akka salphaatti ilaalamu miti. Garuummoo hamma barbaadameedha jechuun hindanda'amu. Kanaafis sababoonni kanneen ani irrannatti ibseedha.

Keessattuu baay'inni abbootii qabeenyaa biyya keessaa gara indastirii kanaatti seenanii hojjetanii gadaanaadha. Kun akka naannootti qofa osoo hintaane akkuma biyyaattuu rakkoo mudateedha. Fakkeenyaaf paarkiiwwan indastirii akka Boolee Lammii keessa invastarri biyya keessaa tokkollee hinjiru. Kun waan namatti agarsiisu qaba.

Abbootiin qabeenyaa biyya keessaa harki caalu paarkii indastirii keessa galanii hojjechuurra lafa fudhatanii, isa dalleessanii kaa'uutu baratame. Silaa isaanirraa waa xiqqootu barbaadama; hojii harka caalu kan xumure mootummaa waan ta'eef. Inni kun waan sirriitti ilaalamuufi irrattis hojjetamuu qabuudha.

Kallattii mootummaan kaa'een hojiin paarkiiwwan indastirii kanneen keessatti hojjetamu qonna qindaa'aa waan ta'eef galtee biyya keessaa fayyadamuun waan omishamuuf %60-80 dursi abbootii qabeenyaa biyya keessaatiif kennama. Sababnisaas invastimantiin biyya tokkoo lammii biyyasanaarratti xiyyeeffachuun waan filatamuufi.

Amma garuu kan nuti itti deemaa jirru abbootii qabeenyaa alaa fidnee hojjechiisuudha. Sababnisaas paarkiiin kun waan yaadame bira ga'uu qaba. Faayidaalee dinagdee irraa eegamus fiduu qaba. Kana malees carraan hojii uumuu qabu waan jiruuf dirqama hojiitti seenamuu qaba.

Omishni biyya keessaafi alaa guddachuu qaba. Omishaalee keenyatti sonni dabalamee faayidaa fiduu malu fiduu qaba. Kana keessatti ammas abbootii qabeenyaa biyya keessaa gara paarkii indastirii keenyaa dhufanii misoomsuu barbaadaniif karri keenya banaadha; dursi kennameefi keessummeeffamu.

Bariisaa: Dhimma kanarratti qorannoo adeemsisuu hin yaallee? Kun akka jijjiiramuuf isintu hinhojjennee laata?

Aadde Sannaayit: Sababoonni ijoo warruman eereedha. Inni guddaan indastirii paarkii keessa seenanii hojjechuurra karaa biraa itti seenuu barbaadu. Seerri indastirii paarkii keessaas daran cimaa waan ta'eef sana keessa seenuu hinbarbaadan. Barmaatuma jiruunis namni dafee waan haaraatti seenuu ni sodaata. Kunneen akkuma jiranitti ta'anii, nutis akka barbaadamutti hunda bira geenyee hubannaa uumneerra jechuu hindandeenyu. Kanas akka hanqina keenyaatti fudhannee waan irratti hojjechaa jirru qabna.

Bariisaa: Abbootiin qabeenyaa Paarkii Qonna Qindaa'aa Bulbulaa seenan amma maal hojjechaa jiru? Omishatti seenaniiruu?

Aadde Sannaayit: Bu'aalee guguddaa fidaniiru jennee wanti eerru hinjiru; baay'ensaani ijaarsarra waan jiraniif. Karoorri keenya yoo milkaa'e barana



warshaalee guguddoon afur hojiitti kan seenan ta'a.

Omisha zayitii, juusiiwwan, foon qindeessuufi kkfti ni seenu. Abbootiin qabeenyaa 29 jedhaman kunneen pirojektota 34 irratti kan bobba'an ta'u. Wayita ammaa gara pirojektota 13 yaalii omishuurratti argamu. Humna guddaadhaan ta'uu baatus gabaaf dhiheessaa jiru.

Bariisaa: Karoorra waggaa shaniitiin ta'uu danda'a, paarkiiin kun utuu guutummaatti hojiitti seenee carraa hojiifi galii hammamii argamsiisa jedhamee yaadamaa?

Aadde Sannaayit: Baay'ee guddaadha; ammayyuu warri 29 kunneen utuu sirriitti hojii eegalani carraan hojii namoota kuma sagal oliif ni banama. Gaafa guutummaatti hojiitti seenummoo kallattiidhaan namoota kuma 30fi isaa oliif carraa bana. Paarkiiin kun heektaara 271 bal'ata. Heektaari 135 zoonii omishaa qofa. Utuu manni jireenyaa, kiliniikiifi tajaajilliwwan biroon itti hindabalamiin jechuudha.

Sharafa argamsiisuu waliin walqabatee garuu akkana jennee qabachuun nu rakkisa. Karoorra akkanaa qabachuuf indastirii kamtu abbootii qabeenyaa kamiin qabame? Isa jedhu beekuun barbaachisaadha; galiin omisha argamurratti hunda'aa waan ta'eef. Akkasumas omisha kamtu alatti ergama, kamtu hinergamu? kan jedhus dursee adda ba'uu qaba. Omishni ergamummoo gabaarratti gatii hammamii qaba isa jedhu tilmaamuun ni rakkisa. Garuu piropozaala ni qaba.

Bariisaa: Ittiwaamama paarkiiwwaniitiin walqabatee, fakkeenyaaf Paarkii Indastirii Adaamaa mootummaa federaalaa jalatti bula. Kun bulchiinsaafi adeemsa hojiiratti rakkoo uumuu hinqabuu?

Aadde Sannaayit: Kanarratti nama hundaaf ifaa ta'uu kan qabu paarkii indastirii Oromiyaafi kan federaalaa tokko miti. Hariiroo caaseffameefi hariiroo hojiis hinqabnu. Kanaaf isaan sararasaanii qabatanii deemu, nutis sarara keenya qabannee deemna. Akkuma yunivarsiitiwwan dhaabbata federaalaa ta'anii hunda'aniitti paarkiiwwan indastirii federaalaa jalatti hundeeffamanis isaan jalatti kan hogganaman ta'u. Kan keenya ammoo ittiwaamamniifi ittigaafatamni keenya Biiroo Dhaabbilee Misooma Oromiyaatiifi.

Bariisaa: Paarkiiwwan indastirii babal'isuudhaan walqabatee, yaadonni ka'an jiru. Warruma eegalaman cimsanii xumuruu malee haaraan akka hinijaaramnetu ka'a. Bakkawwan tokko tokkottimmoo hawaasni nuuf haa ijaaramu jedhee gaafata. Fakkeenyaaf Iluu abbaa

Boor kaasuu dandeenya. Yaadota kanneen irratti maal jettu?

Aadde Sannaayit: Kanarratti yaada kennuun ni ulfaata. Sababnisaas yaadni babal'isuufi babal'isuu dhiisuu dhaabbata keenya qofaan kan murtaa'u miti. Paarkii indastirii malee indastirii babal'isuu Biiroon Invastimantiifi Indastirii Oromiyaa hojjechuu danda'a. Kanaaf karaa sanaan indastiriiin misoomuu danda'a. Kana malees federaallis naannoo keenyatti babal'isuu danda'a. Kanarratti Mootummaan Naannoo Oromiyaas waan hojjetu qaba.

Akka korporeeshinii keenyaatti garuu tokkoffaa, paarkiiin Indastirii Qonna Bulbulaa humna guutuudhaan akkasumas kan Naqamtee ijaarsisaa xumuramee hojiitti seenuu qaba. Paarkiiwwan lamaan kanneen abbootiin qabeenyaa guutummaatti galanii, misoomsani, achirraa nutis isaanis waan argannu argachuu qabna. Gaafa sadarkaa kanarra geenye waa'ee paarkii biraa ijaaruu

yaadna. Akkasumas bakkeewwan bilisaa of harkaa qabnu ni qabna. Gaafa isaaf invastarri nu waliin hojjechuu danda'u dhufummoo isas kan misoomsinu ta'a.

Bariisaa: Kanneen hojiitti seenan omishuu qofa osoo hintaane, sona ittidadalanii gabaaf akka dhiheessaniif deggarsa keessan maal fakkaata?

Aadde Sannaayit: Kanarratti waan baay'ee hojjenna. Kan Bulbulaa qofa yoon sii kaasee, paarkii misoomsuun ittigaafatama keenya isa ijoodha. Yommuu kana jennuu omisha oyiruurras qabee akka hanqina galteewwaniitiin hinrakkanneef waan hojjennu qabna. Dandeettii cimsuurrattis invastarri biyya keessaafi alaa dhufee akka nama barate mindeessuu hinrakkanneef namoota baay'ee leenjisee qopheessineerra. Bor iftaan akka gabaadhaan walqabatee rakkoon hinuumamneef ammoo sektara dhimmichi ilaallatu faana walitti hidhamiinsa gabaarratti hojjechuuf dirqama qabna; hojjetaas jirra.

Kana malees, qulqullinaan walqabatee oyiruurras eegalee hamma nyaataaf oolutti hordooftii barbaachisu ni taasisna. Fakkeenyaaf xaa'oo hinmalle akka hinfayyadamne, wantoota nageenya omishaatiif fayyadan guuttachuufi kkf irratti leenjii ni kennina, to'annoos ni taasifna.

Waliigala qulqullinaafi eegumsa nyaataa, dhaadhessaa (piromoshinii)fi sona dabaluuratti seektaroota dhimmi ilaalu waliin taanee ni hojjenna. Fakkeenyaaf sona dabaluu Biiroo Qonnaa Oromiyaa, dhaadhessa Biiroo

AADAIFI AARTII

Gaalarii Shuumataa: Dhaabbata hambaalee seenaa sabootaa waggaa 50 dura Finfinneetti hundaa'e

Waasihun Takileetiin

Osoo beeknee, hambaaleen seenaa sabootaafi sablammoota Itoophiyaa miidhagina, madda galiifi agarsiistuu qaroomina keenyaati.

Itoophiyaan madda dhala namaa ('Land of Origin')fi wiirtuu qaroomina kalaqawwan gara garaa ta'ushee hambaaleefi ragaaleen seenaa qabatamaan lafarratti argaman agarsiistuu guddaadha. Biyyattiin wiirtuu qaroominaa ta'uu hambaaleen, ijaarsawwan masaraalee, holqawwan namtolchee, riqichoonni, meeshaaleen duriifi kanneen biroo ga'umsa dhaloonni darbe qabu kan agarsiisan ta'anis dandettiifi ga'umsi kun dhaloota jaarraa kanaatti ce'eeraa laata isa jedhu isinumaafin dhiisa.

Torbeen tuurizimii sadarkaa addunyaatti yeroo 44ffaaf, sadarkaa Finfinneetti Kibxataa hanga Kamiisa dheengaddaatti ammoo yeroo 36ffaaf qopheessummaa Biiroo Aadaa, Aartiifi Turizimii Finfinneefi Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin Doolooloo Buddeenaatti (Addababa'ii Masqalaatti) kabajameera.

Anis hojiif garasitti imaleen wanta qalbiikoo na hawwate tokko halaalatti argeen itti siqee daawwachuu jalqabe. Shuumataa Gaalarii jedhama, bara 1964 kan hundaa'e yoo ta'u, hambaalee sabootaafi sablammoota Itoophiyaa waggoota 50 oliif dhuunfaan walitti qabuun dhaloota har'aaf olkaa'eera.

Meeshaaleen agarsiisaaf dhiyaatan kunniin kan umrii dheeraa qaban yoo ta'an, kutaalee biyyattii gara garaa keessaa walitti qabamuu dubbatu Ittaantuu Hojii gageessituufi Daawwachiistuu Dhaabbata Dhuunfaa Gaalarii Shuumataa Aade Saaret Saffaa.

Akka isaan jedhanitti, hambaaleen dhaabbatichi agarsiisaaf dhiyeesse waggoota 50 dura abbiyyuusaaniitiin kan walitti qabamaniidha. Abbiyyuusaanii hojiilee kalaqaafi xibraa gara garaa kutaalee biyyattii keessa deemuun bituufi gurguruun jiraataa kan turan yoo ta'u, adeemsa keessa dhaloota dhufuuf olkaa'uu kan jalqaban ta'uu dubbatu.

Kutannaa abbiyyuun isaanii hambaalee seenaa walitti qabuuf qaban daran olaanaa turuu eeranii, ilmisaanii kan ammaa isaaniif abbaa warraa ta'ee jiru hojii abbaan isaanii jalqaban harkaa fuudhanii kunuunsa barbaachisu taasisaa dhaloota har'aan gahaniiru.

Dhaabbata agarsiisa hambaalee seenaa kana keessa sireen, gaachanni, okkoteen, eeboon, teessumni miila sadii akkasumas meeshaaleen nyaataa, fal'aanniifi kanneen biroo dhiyaataniiru.

Hedduusaanii umrii waggoota dheeraa kan qaban yoo ta'u, abbiyyuusaanii wayita daldalaaf kutaalee Itoophiyaa gara garaa keessa adeemaa turan bituun Finfinnetti fidanii Dhaabbata Gaalarii Shuumataa jedhamu keessatti walitti qabaa turan. Dhaabbatichi qaroomina Itoophiyaanota kan hammateefi teessumasaammoo Finfinnee taasifachuusaa adda isa taasisa.

Sababnisaas dhaabbatichi kan Itoophiyaanonni hundi keessatti of ilaalan jechuunis saboonniifi sablammiiileen gara garaa hambaalee akaakileefi



Aade Saaret Saffaa wayita waa'ee meeshaalee aadaa ibsanitti

habaabileesaaniin hojetamaa turan bakka itti argu ta'uu himu. Gaalariin Shuumataa agarsiistuu sabootaafi sablammiiileen hundaa waan ta'eef hambaaleen achi keessatti argaman ragaa bahu.

Magaalaa tokko keessa hambaalee seenaa daawwachuu yoo deemte kan ummata ykn saba tokko qofa agarta. Gaafa gara Gaalarii Shuumataa dhuftu kan sabootaafi sablammiiileen Itoophiyaa gara garaa bakka bu'an agarta, kunis adda isa taasisa.

Aadaan hunduu kan kooti jedhanii sabootaafi sablammii walqixxummaan keessummeessuun biyya keenyatti hinbaratamne ilaalcha kana maqsuuf gaheesaanii bahachaa jiraachuu kaasti.

Daawwataan tokko daawwachuuf wayita olseenutti agarsiistuu eenyummaasaa yoo argu itti gammada, kan saba tokkoo qofa yoo ta'e garuu miirri kankooti jedhu isa keessa hinjiraatu jetti Aade Saaret.

Ilaalcha kana cabsuuf sochii Gaalariin Shuumataa itti jiru jajjabeessaadha jechuun ni danda'ama, sababnisaas hambaalee seenaa sabootaafi sablammiiileen gara garaa of keessatti hammateera.

Guutummaatti Itoophiyaa ibsuun hindanda'amu achi keessa sabaaf sablammiiileen aadaa, afaan duudhaa, eenyummaafi agarsiistuusaanii ta'an kumaaf kitala jiraachuu dagatamuu hinqabu.

Hambaaleen kunniin osoo beeknee kunuunsinee dhaloota dhufuuf olkeenye akka madda gali ta'u dagachuu hinqabnu. Kan qabnu seeraan itti fayyadamuu dhabuu keenyaan maqaa biyya hiyyeettii jedhu nutti moggaasan malee ga'umsa dhaloonni keenya qabu daran addunyaa biroof fakkeenyummaan kan ka'udha malee kan nu saalfachiisu hinta'u.

Nus kanuma bu'uura godhannee waggoota

shantamaa oliif meeshalee hamba seenaa abbaan keenya walitti qabaa turan seenaafi ibsawwan gara garaa deeggarree dhaloota itti barsiisaa jirra. Aade Saaret "Gaalarii Shuumataa" keessatti hojigageessaa ittaanaa taatee hojjechuun ala daawwachiistuu taatees tajaajilaa jirti.

Kan abbaan keenya biyyoota gara garaa jechuunis kutaalee Itoophiyaa gara garaa keessa deemanii walitti qabani olkaa'an nummoo seenaasaanii qorannee barumsaan deeggarree dhaloota har'aaf agarsiisaaf dhiyeesuun takkaan ittigaafatamummaa seenaa nutti laataame bahachuudha lammatammoo qaroomina akaakileef habaabileen keenya darban qaban addunyaaf ibsuu waan ta'eef kan nama gammachiisuudha jetti.

Gaalariicha keessatti meeshaaleen hamba seenaa umrii dheeraa qaban haa jiraatan malee agarsiisaaf dhiyaachuu erga eegalanii waggaa tokkoofi ji'a jaha hincaalu.

Kanaafimmoo sababa kan ta'e takkaan meeshaaleen achi keessa jiran eessa eessarraa akka dhufan qorachuu barnoota antiropooloojiin deeggarumuu akka qaban beeknee irratti hojjechuun, Saba kam akka bakka bu'an odeeffannoo gahaa guurrachuun wiirtuu sabaaf sablammii Itoophiyaa keessa jiraatan Finfinnee keessatti agarsiisaaf erga banaa ta'ee waggaa lama hinguunne.

Ta'us waggoota muraasa kana keessatti miirri daaw'attoota biyya keessaafi alaa kan nama kakaasu waan ta'eef xiyyeeffannoo kennuun hojjetaa akka jiran Aade Saareti kaasu.

Akka ibsasaaniitti, meeshaaleen achi keessatti argaman kutaalee gara garaa Itoophiyaa keessaa kan walitti qabaman yoo ta'u, saba xiqqaa guddaa ilaalcha jedhu keessaa bahuun dhugaa hunduu kan Itoophiyaanotaati jedhuun meeshaaleen kunniin funaanamanii seeraan olkaa'amaniiru.

Meeshaalee hamba seenaa kun kan Oromoo,

Sidaamaa, Gaamoo, Guraagee, Amaaraafi kanneen biroo of keessatti kan hammatan yoo ta'u, wiirtuu Itoophiyaa xiqqaan keessatti mul'attu taasisuuf humna qabaniin hojjetaa jiraachuu himaniiru.

Ga'umsiifi qaroominni kalaqaa dur hammas ga'uu osoo jiruu dhaloonni har'aa eeggattummaafi hiyyummaan waamamuun sirrii miti jedhanii, yoo waa kalaquu dadhabne kan kaleessa abboota keenyarraa dhaalle olkaa'uun murteessaa ta'uu dubbatu.

Isaaniifi abbaan warraasaaniis miira kutannaa isaan keessa buleen hambaalee seenaa kana kunuunsaa asiin gahuu eeranii, of eeggannoo cimaan bocasaa ganamaa akka hingadhiisneef eegumsa taasisaa jiraachuu ibsu. Meeshaaleen agarsiistuu sabaafi sablammii hundi waan akka garaatti argamuu hindandeenyeef bakka barbaachisaa ta'etti fakkeessanii hojjechuun irraa barsiisaa jiraachuu himaniiru.

Akka fakkeenyaatti barcumni Mootii Abbaa Jifaariin fakkaatu ogeessotaan hojjetamee agarsiisaaf taa'eera. Sababnisaas kan isaan dur ittifayyadamaa turan Godambaa Jimmaa keessa kan jiru yoo ta'u, nummoo fakkeessinee hojjennee ittiin barsiisaa qaroomina durii beeksifna jedhu.

Eeboon, gaachanni, meeshaaleen mana keessaa hedduun naannolee Itoophiyaa gara garaa keessaa walitti qabamanii Dhaabbata Gaalarii Shuumataa keessatti agarsiisaaf dhiyeesuun Itoophiyaan haadha sabaafi sablammiiifi wiirtuu hambaalee seenaa hedduu qabaachuu itti mul'isaa jiraachuu ibsaniiru.

Aadaan kun kan nama jajjabeessu hunduu kankooti ilaalcha jedhu kan nama keessa bulchu waan ta'eef jajjabeeffamuu mala kan jette Aade Saaret, dargaggoonni imaanaa abbootiisaanii kan eegan ta'uu qabu yaada jedhus kaasaniiru.

Qaroomina Itoophiyaanonni dur qaban dhaloota har'aatiinis dhaalamuu kan qabu ta'uu eeranii, keessumaa hambaalee keenya madda gali gochuuf irratti hojjechuun barbaachisaadha jedhu.

Dhaabbanni Gaalarii Shuumataa Birbirsaa Gooroo, naannawa Daandii Charchil irratti mana xiqqoo keessatti hundaa'ee ergaa guddaa dhaloota ammaaf kan dabarsaa jirudha. Meeshaaleen hamba seenaa har'a agarsiisaaf dhiyaatan kunniin muraasa. Ta'us bakki hojii yoo mijateefii bal'inaan hojjechuuf gama hundaan qophaahoo ta'uu Aade Saaret ni dubbatu.

Meeshaaleen hamba seenaa Gaalarii Shuumataa osoo bocnisaanii hinbadiin bakka ittihojjetamaniifi bara ittihojjetamaniin galmeeffamanii dhalootaaf kan ta'an yoo ta'u, kaanimmoo fakkeeffamanii hojjetamuun kan qophaanidha.

Walumaagalatti hambaaleen seenaa keenya miidhagina keenya, madda galiiti, agarsiistuu qaroomina dhaloota darbanii, labatni amma jirummo kan durii kunuunsuu ofiimmoo addunyaarratti caalee argamuuf miira walqixxummaa, tokkummaafi waldanda'uu daran gabbifachuun Itoophiyaa sabaafi sablammii hunda qixa keessummeessitu ijaarrachuuf tumsuu akka qabus dhaamaniiru.

Qarreefi Qeerroo

“Tola ooltummaan hojii boqonnaa sammuu gonfachuuf raawwatamuudha”

- Dargaggoota hojicharratti hirmaatanii badhaafaman

Natsaannat Taaddasaatiin

Sagantaan cufiinsaafi beekamtii tajaajila tola ooltummaa dargaggootaa ji'oota ganna bara 2015 Onkoloolessa 16 bara 2016 Finfinnee, Hoteela Iskaayilaayititti adeemsifameera. Saganticharratti Ministeerri Dubartootaafi Hawaasummaa hoggantoota qaamolee milkaa'ina hojichaatiif haala mijeesaniifi dargaggoota naannoleefi bulchiinsota Magaalaa Finfinneefi Dirre Dhawaa tajaajila tola ooltummaa ganna darbeerratti hirmaatanii hojii fakkeenyummaa gaarii qabu raawwataniif beekamtii kenneera.

Minister De'eetaan Damee Dargaggootaa Aadde Munaa Ahmad haasaa waltajjicharratti taasisaniin akka jedhanitti, ministeerichi hirmaannaafi fayyadamummaa dargaggootaa gama hundaan mirkaneessuuf hojiilee bu'aaqabeessa hedduu raawwachaa jira. Dargaggoonni tajaajila tola ooltummaarratti hirmaachaa jiranis hojiilee hawaasa biyyattii fayyadamoo taasisan hedduu raawwachaa jiru. Hojiin tajaajila tola ooltummaa keessumaa kutaalee hawaasa harka qaleeyyii gargaaruu keessatti gahee olaanaa qaba. Ministeerichis dargaggoonni humna, beekumsaafi yeroosaanii utuu hinqusatiin hojii misoomaafi tajaajila tola ooltummaarratti bal'inaan akka hirmaatan taasisuuf deggarsa taasisaa jiraachuu dubbatu.

Akka Aadde Munaan jedhanitti, tajaajilli tola ooltummaa dargaggoota Itoophiyaa miliyoonaan lakkaa'amaniin kennamaa jiru hawaasa fayyadamaa taasisuurra darbee hojiilee misoomaa bajata mootummaatiin raawwachu hindandeenye hedduu raawwachuun misoomaafi guddina biyyaas deggaraa jira. Tajaajila tola ooltummaa dargaggootaa ganna darbee mataduree, “Tola Ooltummaan Olka'iinsa Itoophiyaaf” jedhuun raawwatamaa tureerratti dargaggoonni miliyoona 21fi kuma 596fi 601 dameelee hojii 13n irratti hirmaachuudhaan hojiilee qarshii biiliyoona 17, miliyoona 598, kuma 796fi 561tti tilmaamamu raawwatameera.

Tajaajila tola ooltummaa dargaggootaa ji'oota ganna darbeetiin manneen harkaqaal'eeyyii haaraan kuma 18fi 31 kan ijaaraman yoo ta'u, manneen kuma 13fi 843 suphamaniiru. Waliigalaan tajaajila tola ooltummaa dargaggootaa ganna darbeetiin manneen kuma 31fi 856 ijaaramaniiru; dhiigni yuuniti kuma 51fi 607 walitti qabameera.

Dargaggoonni naannoleefi bulchiinsota magaalotaa Finfinneefi Dirre Dhawarraa filataman magaalota Itoophiyaa gara garaa keessa socho'uun hojiilee biqiltuu dhaabuu, balfawwan dhabamsiisuu, harkaqaal'eeyyii gargaaruu, barnootaafi leenjii kennuu, nageenya kabachiisuu, barmaatilee miidhaa qaqqabsiisan ittisuu dargaggootaafi hawaasa naannawaa waliin raawwachaa kan turan ta'uu himu Aadde Munaan.



Dargagoo Ingidaa Shugguxee

Tola ooltummaan rakkoo keenya fura, tokkummaa keenya cimsa, akkasumas waan biyya keenya ijaaruuf hojiin tajaajila tola ooltummaa dargaggootaa kun gara fuulduraattis caalaatti cimtee kan ittifufu ta'uus eeraniiru.

Hoggantuun Biuroo Dargaggoofi Ispoortii Oromiyaa Durbee Saamiyaa Abdallaa akka jettutti, akka naannichaatti ganna darbe dargaggoonni miliyoona sagalii ol tajaajila tola ooltummaarratti hirmaachuun biqiltuu dhaabaa, dhiiga arjoomaa, manneen harkaqaal'eeyyii ijaaraafi suphaa akkasumas hojiilee fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessaniifi misooma naannichaafi biyyattii utuban hedduu raawwataniiru. Badhaasniifi beekamtiin dargaggoota tola ooltummaa ganna darbeerratti hirmaachuun hojii fakkeenyummaa gaarii qabu raawwataniif kennames kan maluufiidha. Tajaajilli tola ooltummaa kan yeroo gannaafi bonaa raawwataman waan adda bahaniif hojiileen tajaajila tola ooltummaa bonaatiin raawwatamanis ittifufanii kan hojjetaman ta'uu eerteetti.

Naannoo Oromiyaa, Godina Buunoo Beddellee, Magaalaa Beddelleeraa tajaajila tola ooltummaa ganna darbeetiin hojii fakkeenyummaa qabu raawwachuun kan badhaafame Dargagoo Ingidaa Shugguxee akka jedhutti, tajaajila lammummaa ganna darbee yeroo, humnaafi beekumsasaa utuu hinqusatiin kaffaltii tokko malee raawwachaa ture.

Tajaajila tola ooltummaa ganna darbeetiin dargaggoota naannawaa gurmeessuudhaan hojii biqiltuu dhaabuu, daa'imman maatiinsaani harkaqaal'eeyyii ijoolllee daandiirra jiraatan gargaaraa, mana haadha hiyyeesaa ijaaraafi suphaa akkasumas dhiiga arjoomaa turuu dubbata. Akka godinichaatti dhuunfaadhaan mana lama, dargaggoota naannawaa gurmeessuudhaan ammoo manneen haadha hiyyeesaa 16 ijaaramuu eereera.

Erga tajaajila ooltummaa kanarratti hirmaachuu jalqabee barana waggaa afuraffaadha kan jedhu dargaggoon kun, gara fuulduraattis dargaggoota naannawaasaa gurmeessuufi qindeessuudhaan hirmaachisuun hawaasa fayyadamaa taasisuuf kan hojjetu ta'uu hima.

Tajaajila tola ooltummaa kana bara 2011 Waajjira Dargaggoofi Ispoortii godinichaatti galmaa'uun irratti hirmaachaa jiraachuu



Shamarree Firehiwot Musxafaa

kan himu Dargagoo Ingidaan, hojicha dargaggoota qindeessuu kan jalqabe garuu bara 2014 ta'uu dubbata. Badhaasaafi beekamtii kennameetti daran kan gammade ta'uufi hojii gara fuulduraatti raawwatuuf kan isa onnachiisu ta'uus eereera.

Hojii argadhus dhabus tajaajila tola ooltummaa kennuurraa waanti adda nabaasu hinjiru kan jedhu dargaggoon kun, tajaajilichi hojii hawaasa gargaaruufi misooma biyyaa deggaruu waan ta'eef dargaggoonni hundi bal'inaan akka irratti hirmaataniif waamicha dabarseera. Tajaajilli kun gammachuu guddaa kan namaaf kennu ta'uufi hojii Rabbis jaalatu ta'uu hima.

Shamarree Firehiwot Musxafaa naannoo Amaaraa, Magaalaa Baahir Daarirraa tajaajila tola ooltummaa ganna darbeetiin hojii fakkeenyummaa gaarii qabu raawwachuun badhaafameetti. Shamarreen tun dhiiga yeroo 32 arjoomuudhaan waggoota lamaan darbaniif Baankii Dhiigaatiin beekamtii argatteetti. Shamarreen kun tajaajila tola ooltummaa ganna darbeetiinis hojiilee gara garaa shamarran, namoota dhukkubsataniifi kutaalee hawaasaa harkaqaal'eeyyii fayyadamoo taasisan hedduu raawwachuun badhaasaafi beekamtii argatteetti.

Tajaajila tola oltummaa kana umriishii waggaa 14tti (kuta 8ffaa) kaastee irratti hirmaachaa jiraachuu kan himtu Shamarree Firehiwot, tola ooltummaan hojii Waaqnis namnis jaalatuufi gammachuu nama gonfachiisu waan ta'eef gara fuulduraattis bal'inaan akka irratti hirmaattu dubbatti.

Tajaajila tola ooltummaa dargaggootaa ganna darbee kana shamarraniifi hawaasa naannawaa waliin ta'uun hojjechaa turuu kan himtu shamarreen tun, hojii xiqqoo hanga humnishee eeyyameef shamarraniifi hawaasa naannawaa waliin raawwatteen badhaasaafi beekamtii argatteetti. Kanas hojii qofaashee raawwatteen osoo hintaane ida'ama bu'aa hojii hiriyootaafi hawaasa naannawaashee wajjin raawwatteen kan argame ta'uu eerti.

Ani kanin hojii tola ooltummaa hojjetu badhaafamuufi ittiin beekamuuf utuu hintaane gammachuu keessoofi boqonnaa sammuu argachuufi, kan jettu Shamarree Firehiwot, hojicha hanga dandeesse ittifuftee kan hojjetu ta'uus nidubbatti.

Dargaggoonni humna, yeroofi beekumsasaanii aarsaa gochuun tajaajila tola ooltummaa kennaa jiru kan jettu



Dargagoo Tasfaayee Shaallaamoo

shamarreen tun, tajaajilicha keessatti maallaqniifi wantoonni tokko tokko waan barbaachisaniif abbootiin qabeenyaa, mootummaafi dhaabbileen biroonis akka deggarsa taasisan gaafatteetti.

Naannoo Affaarirraa badhaasaafi beekamtii kan argate Dargagoo Alii Isee Alii akka jedhutti, ijoollummaasaarraa jalqabee tajaajila tola ooltummaarratti hirmaachaa jira. Tajaajila tola ooltummaa dargaggootaa ganna darbeetiin dargaggootaafi hawaasa naannawaa dadammaqsuudhaan magaalota biyyattii gara garaa keessa naanna'ee hojicha raawwataa ture.

Tola ooltummaan hojii namoota biroo gargaaruuf hojjetan fakkaatus caalaatti kan fayyadamu namuma tajaajilicha kennuudha. “Ani tajaajila tola ooltummaarratti kanan hirmaadhuu caalaatti boqonnaa sammoofi gammachuu keessoo argachuufi” jedha.

Dargaggoonni humna, yeroofi beekumsasaanii utuu hinqusatin hojii tajaajila tola ooltummaarratti bal'inaan kan hirmaatan yoo ta'e hawaasa bal'aa fayyadamaa taasisuurra darbani misooma biyyaa si'eessuu keessattis gumaacha irra eegamu bahachaa jiraachuusaanii hubachuu qabu kan jedhu dargaggoon kun, hojichi keessumaa kutaalee hawaasaa harkaqaal'eeyyii gargaaruu keessatti gahee olaanaa waan qabuuf dargaggoonni bal'inaan akka hirmaataniif waamicha dhiyeesseera.

Naannoo Itoophiyaa Kibbaarraa hojii fakkeenyummaa qabu raawwachuun kan badhaafame Dargagoo Tasfaayee Shaallaamoos akka jedhutti, ganna darbe dargaggoota naannawaa gurmeessuudhaan tajaajila tola ooltummaa gara garaa kennaa ture. Dargaggoonni naannichaas tajaajila tola ooltummaa kanarratti bal'inaan hirmaachaa jiru.

Tajaajilichaan hojiileen bajata mootummaatiin hinhojjetamne hedduun raawwatamaniiru. Qarshii walitti qabuudhaan lammiilee rakkolee gara garaatiif saaxilaman gargaaraa turuus nidubbata.

Tajaajilli tola ooltummaa aadaa ta'ee akka ittifufuuf hojichi hirmaannaafi deggarsa hawaasa bal'aa gaafata kan jedhu dargaggoon kun, hojicharratti hirmaachaa kan ture namoota harkaqaal'eeyyiiif rakkatan gargaaruudhaan gatiisaa Waaqayyo biraa argachuuf ta'uu ni eera.



Abbootii Aksiyoona Baankii Oromiyaa Hundaaf

Koreen Eeruu fi Filachiistuu Boordii Daarektarootaa Baankii Oromiyaa eeruu kaadhimamtoota Boordii Daarektarootaa fudhachaa turuun isaa ni beekama. Bu'uuruma kanaan, miseensummaa Boordii Daarektarootaaf namoota eeraman keessaa kanneen armaan gaditti tarreeffaman filannoo miseensota Boordii itti aanuuf kaadhimamtoota fi eeggattoota ta'uu isaanii ibsaa, kaadhimamtoota dhiyaatan keessaa namoota Baankii keenya sadarkaa amma irra jiru irraa gara gulantaa olaanaatti ceesisuu danda'u jettanii yaaddan filachuuf gamanumaa akka itti qophooftaniif waamicha isinii taasisna. Adeemsa eeruu kennuu keessatti hirmaannaa gochaa turtaniif koreen galata isiniif galcha.

A. Kaadhimamtoota Miseensota Boordii Abbootii Aksiyoona Qooda Olaanaa Qabanii fi Hinqab

1. Obbo Tafarraa Maammoo Zawudee
2. Dr. Girmaa Abbaabbii Digaafee
3. Obbo Xilaahun Gammachuu Galaashee
4. Prof. Natsaannat Warqinee Giddii
5. Obbo Sorsaa Dabalaa Galaalchaa
6. Dr. Gammachuu Waaqtolaa Olaanaa
7. Dr. Mirgisaa Kabaa Sarbeessaa
8. Obbo Furoo Baqataa Bariisoo
9. Dr. Faantaa Tasgaraa Jeexuu
10. Obbo Yisaaq Qaadii Abbaa-Fiixaa
11. Dr. Jamaal Abbaa Fiixaa(Bakka Bu'aa Intarpiraayizii Oomisha Meeshaalee Yunvarsitii Jimmaa)
12. Obbo Dastaa Daammanaa Heeyyi
13. Obbo Saamu'eel Tasfaa Tolasaa
14. Obbo Taaddasaa Roobaa Dhugoo
15. Obbo Mogos Fayyeeraa Bultii
16. Obbo Sisaay Abbaa-Fardaa Tafarraa

B. Kaadhimamtoota Miseensota Boordii Abbootii Aksiyoona Qooda Olaanaa Hinqabneen Eeraman

1. Dr. Ishetuu Tamasgeen Galaan
2. Injinar Miliyoon Baqqalaa Damissee
3. Obbo Guddataa Galaalchaa Saffisaa
4. Prof. Hayiluu Warquu Badhaanee
5. Obbo Ishetuu Zallaqa Charuu
6. Dr. Girmaa Baalchaa Mojoo
7. Obbo Tasfaayee Dajanee Dabalee
8. Obbo Malaakuu Kaasaayee Gammachuu

C. Eeggattoota

1. Injinar Mootii Bayyanaa Beeggii
2. Dr. Maatiwoos Hinsarmuu Jaallataa
3. Obbo Gobozee Buttaa Bulbulaa
4. Obbo Zarihuun Tamasgeen Fayyisaa
5. Obbo Shifarraa Dagafaa Buliyoo
6. Dr. Xeenaa Baqqalaa Adigolliny

Hubachiisa

Kaadhimamtoota miseensota Boordii Daarekatrootaa fi eeggattoota armaan olitti eeraman irratti komii yoo qabaattan guyyaa beeksisni kun ba'e irraa eegalee ji'a 1(tokko) keessatti waajjira muummee baankichaa darbii 2ffaa biiroo lakk. 407-2-14tti qaamaan dhihaachuun Koree Eeruu fi Filachiistuutti komii ragaan deeggarama dhiyeeffachuu ni dandeessu.

Koree Eeruu fi Filachiistuu Boordii Daarektarootaa Baankii Oromiyaa
Teessoo: Waajjira Muummee, Daandii Afrikaa Naanno Olompiyaa, Finfinnee
Odeeffannoo Dabalataaf: Lakk. Bil: 011-558-54-12

Ilaamee...

Karoora xiiqii carraa Oromiyaan qabdurraa madde

Taamiruu Raggaasaatiin

Sadarkaa biyyaattis ta'e nama dhuunfaatti karoora qabaachuun barbaachisaadha. Kanaafi, milkaa'ina mul'ata biyyaa, kan dhaabbataafi kan nama dhuunfaa keessatti gahee karoorri qabu ibsuuf, "Namni Karoora hinqabne akka bishaan gabatee keessaati; garuma oofanitti deema" kan jedhamuuf.

Mootummaan Naannoo Oromiyaas kanuma hubachuuni bara 2016 haala addaatiin karoora xiiqii qabatee kan itti seene. Raawwiin karoora kanaas tibbana Magaalaa Adaamaatti qoratameera.

Waltajjicharratti argamuun ibsa bal'aa kan kennan Pirezdaantii Ittaanaan Oromiyaa Obbo Awwaluu Abdii, mootummaan naannichaa karoora xiiqii baafatee hojjechaa jiraachuu eeranii, karoorri xiiqiimmoo karoora hiixataafi ariitii barbaadu ta'us, seektaroonni sadarkaadhaan jiran xiqqeessanii karoorsuu akka mul'atu ibsu. Karoorri xiiqii kun karaa guutuu ta'een qaamolee hunda bira gahuusaa mirkaneeffachuunis barbaachisaa ta'uufi hojjetootaafi hoggaantoota mootummaa keessaa dhibbantaa 56 qofti karoora qabaachuu dubbatu.

Hanqinoota jiran keessaa aadaa qusannaa dhabuun akka sabaatti kufaatiin dinagdeefi gaaga'ama siyaasaa fiduu akka danda'u himanii, kanaafis Warshaa Keenyaa dhaabuuf waggoota torba fudhachuu akka agarsiisaatti kaasu.

"Daldalli seeraan alaas balaa dinagdee naannichaati. Loon Oromiyaatti maaliyaa biyya biraa uwwisuun bu'aa irraa argachaa kan jiru naannicha osoo hintaane qaamota birooti. Kanaaf hojii hojjetamu ariitii, baay'ina, qulqullinaafi kalaqaan hojjechuun, qusannaafi liqqi deebisuun, hannaafi malaammaltummaarratti garakuteenyaan qabsaa'uun kallattii gara fuulduraa naannichaa ta'uu akka qabu himu.

Saganticharratti raawwii karoora kurmaana tokkoffaa kan bara 2016 kan dhiyeessan Komishinara Komishinii Karooraafi Misooma Oromiyaa Doktor Abdulaziz Daawud gamasaaniin, karoorri xiiqii falaasamoota lama, "Osoo qabnuu akka dhabaatti maaliif? jedhuufi "Osoo dandeenyuu akka dadhabaatti maaliif? jedhurraa kan maddu ta'uu ibsu.

Karoorri xiiqii kun mul'ata mootummaan naannichaa qabatee socho'aa jiru, kan Oromiyaa dinagdeedhaan, sirnaan teknolojiifi barnootaan ni ijaarra jedhu milkeessuuf daran kan gargaaru ta'uu eeranii, karoorichi carraa mijataa (potenshaala) naannichaa yaada keessa kan galchee ta'uu himu.

Naannichatti wabii midhaan nyaataa mirkaneessuuf inisheetiviiwwan garagaraa bocuun hojjiitti seenamuufi qonna ganna baranaan lafa heektaara miliyoona 8.3 midhaan akaakuu garaagaraan uwwisuuf karoorfamee karoora ol lafa heektaara miliyoona 9.4 sanyiin uwwisuun danda'ameera; lafa misooma kanarraa midhaan kuntaala miliyoona 265 walitti



qabuuf hojjetamaa jiraachuufi hanga ammaattis godinaalee 10 keessatti omishni lafa heektaara miliyoona 1.1 irratti misooma walitti qabamuus ibsu.

Hojiileen gama misooma qonnaatiin hojjetaman akka cimnaatti kan eeraman ta'uu kan dubbatan komishinarichi, hojiileen misooma qamadiifi ruuzii akkasumas, galteerratti hojjetaman jajjabeeffamuu kan qabaniifi inisheetiviiwwan qonnaa bocamanii hojiitti hiikaman bu'aa abdachiisaa fidaa jiraachuu dubbatu. Kanneen keessaa inisheetiviiwwan horsiisa booyyeefi misooma dammaafaa kanneen jijjiiramni ittiin dhufaa jiru ta'uu akka fakkeenyaatti kaasiiru.

Akka waliigalaatti inisheetiviiwwan midhaan dheedhii, inisheetiviiwwan quyyisaa (dibataa), horsiisni lukkuu, horsiisni beyladaa damee naannichi raawwii gaarii ittiin galmeesse ta'uu ibsu. Raawwiin inisheetiviiwwan maashoo kan salixiifi suufi, hojiin misooma jallisii bonaa, hojiin kompostii qopheessuufaa ammoo damee raawwii gadaanaa galmeessisan waan ta'ee gara fuulduraatti xiyyeeffannoo addaa akka barbaadan akeeku. Akkasumas raawwiin hojiin liqqi xaa'oofi liqqi sanyii filatamaa deebisisuus kurmaanicha keessatti daran gadaanaa ta'uu kaasu.

Seektara barnootaatiin walqabatee, sadarkaa naannooti nyaata barattootaatiif qarshii biliyoona 1.3fi midhaan kuntaala kuma 255 walitti qabuun ibsanii, nyaata kanas manneen barnootaa kuma 22 keessatti jalqabsiisuuf karoorfamee manneen barnootaa kuma sagaliifi 731 keessatti barattoota miliyoona lamaa ol fayyadamaa taasisuun danda'amu dubbatu.

Akka ibsa Komishinar Abdulaazizitti, kufaatiin barattoota kutaa 12ffaan walqabatee manneen barnootaa mijataa ta'uu dhiisuu, rakkoo gahumsa barsiisotaa, fedhiifi hordoffiin barattootaa gadaanaa ta'uufi rakkoon hordoffiifi deeggarsa maatii barattootaa sababoota gurguddoo kufaatiin kanaati.

Sababoota eeraman keessaa keessumaa, barsiisotni hojii baruufi barsiisuu idilee cinaatti dhiisuun hojii dhuunfasaanirratti xiyyeeffachuun naannicha keessatti sababa isa ijoodha. Akka guutuu biyyaatti barattoota dhibbantaa 3.2 qofti qabxii darbiinsaa argatan keessaa 1.8 Oromiyaatti argamu.

Qormaata kutaa 8ffaatiinis barattootni hedduun qabxii darbiinsa hinarganne.

Gama raabsa kitaaba barataatiin fuulduratti hojii guddaan kan eegamu ta'uu himanii, raawwiin raabsa kitaaba barataa barnoota sadarkaa tokkoffaa dhibbantaa 43 qofti milkaa'uu ibsu.

Hojii investimantiitiinis abbootii qabeenyaa kuma tokkoofi 612f lafti dabarfamee kennamuu kaasanii, abbootiin qabeenyaa kuma tokkoofi 612 ammoo hojii investimantiitti galuuf gaaffii dhiyeessanii murtoo boordii investimantii eeggachaa jiraachuu himu.

Pirojektota investimantii 593 ta'anis ijaarsisaanii jalqabamuufi sadarkaa ijaarsa addaddaarratti argamuu eeru. Tajaajila fayyaatiin walqabatee, weerara dhibee busaafi koleeraa hir'isuuf hojjetamaa jiraachuu himanii, weerara dhibee busaa hir'isuuf namoota miliyoona 1.5 qorannoon dhiigaa taasifameef keessaa kummi 359 dhibee kanaan qabamuufi kunneenis tajaajila yaala fayyaa argachuu komishinirichi ni ibsu.

Haaluma walfakkaatuun, hojii bal'aa hojjetameen weerara dhibee koleeraa godinaalee Oromiyaa 16 keessatti mul'ate ture godinaalee 13 keessaa balleessuun danda'amuufi godinaalee sadan hafan keessas guutummaatti balleessuuf halkanii guyyaa hojjetamaa jiraachuu akkasumas, lammiiileen akka dhibee kanaan hinqabamneefis wiirtuuwwan yaalii 70 hundeessuun namootni miliyoona lamaa ol tajaajila akka argatan taasifamuu kaasu.

Hogganaan Biirroo Qonnaa Oromiyaa Obbo Geetuu Gammachuu raawwii hojii biirichaa qooda fudhattoota waliin wayita qoratan akka jedhanitti, haala mijataa hojii misooma qonnaatiif naannichi qabu godinaaleen karaa walfakkaatuufi humna guutuudhaan hojjechuun bu'aa caalmaa galmeessisuuf ammas kana caalaa miira yeroo hinqabnuutiin xiyyeeffantii hojjechuu barbaachisa.

Kurmaana ittaanutti midhaan sassaabbiif qaqqabe qisaasama malee, sosochii hawaasaa bal'aa uumuun yeroodhaan akka sassaabamuuf xiyyeeffannaa olaanaadhaan hojjetamuu akka qabu, misooma qamadii jallisiirratti hojii qophii lafaarratti haala gaariin deema jiru cimsuun jiidhinsa amma jiru qusachuufi rooba yeroo ammaa



Obbo Awwaluu Abdii

jirutti fayyadamuun xiyyeeffannoo addaa kennuudhaan karoora lafa heektaara miliyoona 2.6 oli qabame milkeessuuf kutannoodhaan hojjechuu akka barbaachisu hubachiisu.

Dabalataanis, qophii kompostii, biqiltuu sanyii bunaa, muduraaleefi ashaaraa magariisaa baranaa akkasumas, hojii eegumsa biyyeeffii bishaanii bona kanaa yeroodhaan akka qophaa'uuf ammumarraa eegalee qaamolee dhimmi ilaallatu waliin qindoomina olaanaafi xiyyeeffannaan hojjetamuu akka qabus kallattiin kaa'ameera.

Damee misooma beeyladaatiin hojiiwwan giddugaleessota qorannoo qonnaaf xiyyeeffannoo kennuun hogganamaa waan hinjirreef karoorri qabame akkaataa barbaadamuun raawwatamaa akka hinjirreef eeranii, kanarratti xiyyeeffantii hogganuufi hordofuun jijjiirama barbaadamu fiduuf hojjetamuu akka qabu Obbo Geetuu hubachiisaniiru.

Akkasumas, karoora bara kana cuucii miliyoona 70 raabsuuf qabame milkeessuuf waldaalee gurmeessuufi manneen lukkuu qonnaan bultoota hunda biratti qopheessuurratti hojjetamuu akka qabu, dhiheessii gaagura ammayyaa cimsuun itti deemuu, qonnaan bultoonni waan argatanirraa qusachuun qusannoosani cimsuun dinagdeen akka guddataniifi qonnaan bultoota gara investimantiitti ceesisuuf xiyyeeffannoon hojjetamuu akka qabus eeraniiru.



WAGGOOTA
2006-2016

Kabaja Hundeeffama waggaa 10ffaa



**Boqqonnaa Milkaa'aa
Fuuldurri Keenya Ifaa!**



Baankii Daldala Itiyoophiyaa
የኢትዮጵያ ንግድ ባንክ
Commercial Bank of Ethiopia

ODUU

Jiraattotni Aanaa Gindabarat daandii...

daandiin haadhooliin wayita da'umsaa yeroodhaan mana yaalaa qaqqabuu dhabuun miidhaa hamaaf saaxilamaniiru.

Daldalaan midhaaniifi jiraataan aanichaa Obbo Biqilaa Dheeressaa akka jedhanitti, aanichatti namni dhukkubsatee turtii **torbanoota hedduu booda Finfinneetti ergamee lubbuunsanii darbe jira.** Rakkinuma daandiirraa kan ka'e reeffa namaa qe'eetti galchani awwaaluun ulfaataa waan ta'eef safuu ummatichaatiin ala yeroon reeffi karaarratti awwaalamas jira.

Akka yaada Obbo Biqilaatti, bara addunyaan mandara tokko taate kanatti hawaasni Gindabartiifi naannawashee seenaa keessatti karaa ta'ee hinbeekneen osoo hinjaalatiin magaalota biyyattiirraa adda cituuf dirqameera.

Ummatniifi magaalotni naannawichaa magaalota biroorraa adda cituurraan kan ka'e soogiddarraa kaasee meeshaalee warshaa keessaa ba'an garasitti geejjibuun waan hindanda'amneef hawaasichi qaala'iinsa gatii hamaadhaan dararamaa jira.

Daandii malee omishanii gabaatti geeffachuufi magaalarraa gara magaalatti socho'anii daldaluun hindanda'amu kan jedhan Obbo Biqilaan; daldalatanii jiraachuuf jecha rakkoo daandiirraa kan ka'e qe'eesaanii jaalatan gadilakkisani deemuuf akka dirqaman dubbataniiru.

Jiraataan Magaalaa Kaachisii Obbo Dagguu Toleeraa gamasaaniin akka dubbatanitti, baroota dura daandiin Gindabartiifi Gincii walqunnamsiisu daandiin konkiriitii ni jira ture. Haa ta'u malee, daandicha gara asfaaltiitti jijjiiruuf fiixeedhaa hamma fiixeetti qotuufi iddoo fageenya gabaabaarratti qofa asfaaltii taasisuurraan kan ka'e irra jireessisaa waan qoqqotameef konkolaataa mitii namnuu miilaan daandicharra imaluu hindandeenye jedhan.

Waggoota ja'a dura hojiin ijaarsa daandii asfaaltii Gincii- Shukuteefi Shukutee-Culluuxxee jalqabamee ture erga addaan citee waggoota lama lakkoofsiseera kan jedhan Obbo Dagguun; ummatni bakka bu'uun koree daandii filatame irra deddeebiin komii ummataa hanga federaalatti dhiyeessus hanga ammaatti furmaati akka hinargamne himaniiru.

Bulchiinsa Daandiiwwan Itoophiyaatti, Gaggeessaan Hojii Damee Amboo Obbo Daanyee Laggasaa akka jedhanitti, rakkoo daandii hawaasa naannawa Gindabartiifi Jalduu furuuf hojii ijaarsa daandii asfaaltii hojjechuuf ijaarsicha iddoowwan lamatti jechuunis lootii Iffaafi lammaffaatti qooduun waggoota shan dura Dhaabbata Konistiraakshinii Gamshuu Bayyanaa wajjin waliigaltee mallatteessuun hojiitti galamee ture.

Daandiin lootii Iffaa (Gincii-Shukutee) kiiloometira 59 kan dheeratu yommuu ta'u,

hojii mootummaan federaalaa daandicha asfaaltiidhaan ijaarsisuuf qarshii biliyoona 1.2n waliigaltee mallatteessuun hojjiitti galamee ture.

Akka isaan jedhanitti, waliigalteen kunis erga mallattaa'ee booda kontiraaktarichi lootiiwwan lamaanirrattuu hojii ijaarsaa jalqabee ture. Keessattuu, ijaarsi daandii Gincii-Shukutee Fulbaana 2015rraa eegalee addaan citus ijaarsisaa dhibbantaa 69 irra gahee ture.

Kontiraaktarichi, "Rakkoo nageenyaatiin maashinootni na jalaa gubatanii, hojjetootnis butamanii qarshiin gaafatamaa jira" jechuun hojii ijaarsaa addaan kutuu dubbatanii; ijaarsa daandii Shukutee-Culluuxxees dhibbantaa 15rra gahee waggoota lama dura hojiinsaa dhaabateera jedhaniiru.

Ittigaafatamaan Waajjira Daandiifi Lojistikii Godina Shawaa Lixaa Obbo Jabeessaa Maammuyyee gamasaaniin, kontiraaktarichi dhimma nageenya akka sababaatti haa kaasu malee haalli nageenya naannawichaa haala qabatamaa amma jiruun sababa hinta'u jedhaniiru.

Waajjirisaanii furmaata yeroottiif daandii Shukutee-Culluuxxee suphaa jiraachuu ibsanii; rakkiniha hundeerraa furuuf bulchiinsi godinichaa koree hundeessuun Bulchiinsa Daandiiwwan Federaalaa gaafachaa jiraachuu ibsaniiru.

Awaash kan...

ta'uu ibsaniiru.

Misoomni jallisii qamadii bonee babal'achuun waggaa yeroo lama oomishuun dinagdeen of cimsuun akka dabal kan godhu waan ta'eef deeggarsi barbaachisaa akka taasifamu dubbatanii jiru.

Bara kana lafa hektaara miliyoona 2.6 ol qamadiin uwwisuun galii callaa kuntaala miliyoona 105 argamsiisuuf hojjetamaa jira jedhaniiru.

Karoora misoomni qamadii bonee barana qabame milkeessuuf ittifayyadamni aadaa jallisii gabbachuu akka qabu himanii, lagni Awaashis tajaajla jallisii bonee kanaaf shoora guddaa akka taphatu hubachiisaniiru.

Omishaafi omishtummaa dabaluuftoorri xiyyeeffannoo aadaa jallisii kilaastaraan qotuu cimuu akka qabu kan dhaamanimmoo Hogganaa Biiroo Qonna Oromiyaa Obbo Geetuu Gammachuuti.

Guutuu Oromiyaatti warraaqsi dinagdee misooma qonnaarratti gaggeeffamaa jiru Itoophiyaaf wabii kan ta'udha jedhanii, tattaaffii qamadii alaa galu hambisuun ala erguu eegalame Oromiyaatti xiyyeeffannaadhaan hojjetamaa jiraachuu beeksisaniiru.

Haaluma walfakkaatuun sassaabbiin qamadii kilaastaraan misoomnee Godina Arsii Lixaa, Aanaa Gadab Asaasaatti kaleessa Pirezidaantii Shimallis Abdiisaatiin jalqabsiifame yoo ta'u, barana kuntaala miliyoona 5.8 ol argamsiisuuf karoofamuu hogganaan waajjirichaa beeksisaniiru.

Hoggantichi, Doktor Abdullaahii Beekaa ibsa addatti Gaazexaa Bariisaatiif kennaniin, lafti hektaarii kuma 170 ol qamadiidhaan kan misoomnee yoo ta'u, galiin kuntaala miliyoona 8.5 akka eegamus ibsaniiru.

Yeroo ammaattis hojiin qamadii gahe sassaabuu Aanaa Gadab Asaasaa, Ganda Dabaaraa Buuraatti kan eegalchiifame yoo ta'u, qisaasa'inni callaa akka hinmudanneefis kombaaaynaronni hedduun bobbaafamee si'aayinaan hojjetamaa jiraachuu eeraniiru.

Haalli mijataan uumamna mariin biyyaalessaa ...

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, naannolee muraasarraa kan hafe hirmaattonni marichaa filatamaniiru.

Haata'u malee, bakkeewwan tasgabbiin nageenyaa hinjirretti hirmaattota filachuufis ta'ee ajandaa marii haala barbaadameen walittiqabuurratti danqaa waan uumeef komishinichi qaamolee dhimmii ilaallatu waliin dubbachaa jira. Mootummaanis haalli nageenyaa akka fooyya'uuf xiyyeeffannaan hojjechuu qaba.

Rakkoon nageenyaa iddoo tokko tokkotti mul'atu barbaachisummaa marii yaadamee kan mirkaneessu waan ta'eef akka sodaa guddaatti hin ilaalamu jedhanii, gama biroon ammoo galtee marichaa bifa tasgabbiifi furmaata waraa ta'een walittiqabuurratti dhiibbaa waan

uumuuf nageenyi fooyya'uun dirqama ta'uu yaadachiisaniiru. Tasgabbiin uumamna mariin kun haaluma karoofameen walakkaa waggaa kanaa kan eegalamu ta'uus ibsaniiru.

Rakkoo gangalatee as ga'uun nageenya booressaa jiru kana furuuf falli jiru marii qofa ta'uun erga irratti waliigalamee haalli nageenyaa amma jiru akka fooyya'uuf hunduu tumsuu qabas jedhaniiru.

Naannolee Oromiyaa, Affaar, Somaaleefi Itoophiyaa Giddugaleessaarraa kan hafe hojiin hirmaattota marichaa filachuu raawwatameera. Naannolee hirmaattonni marichaa adda hinbaane kunneenittis sochiin eegalameera. Qaamolee komishinichaaf tumsa taasisan filachuufi leenjisuunis raawwatamaa jira. Hawaasa

diyaaspoora hirmaachisuufis bakka bu'oota waliin mariin eegalamu ibsaniiru.

Komishinichi tibbana pirezidaantii bulchiinsa yeroo Tigraayitti Obbo Geetaachoo Raddaa waliin marii bal'aafi bu'aaqabeessa taasisuu eeranii, marsaa ittaanutti akkuma naannolee kaanii kaabineefi dhaabbilee siviilii wajjinis kan adeemsifamu ta'uu dubbataniiru.

Gama deeggarsaatiinis kallattiin hojii komishinichaa keessa seenuu baatanis deeggarsa yaadaa, teknikaafi faayinaansiitiin dhaabbileen idil addunyaa tumsa taasisaa jiraachuu himaniiru.

Komishinichi marii ittiqufinsaa hawaasaa mirkaneessuuf gidduseentummaa tokko malee walabaan hojiisaa raawwachaa jiraachuu ibsaniiru.

Paarkiiwwan indastirii keessatti hirmaannaan...

taasisaniin akka jedhanitti, korporashinichi paarkiiwwan indastirii mootummaafi abbootii qabeenyaatiin misoomsuun gara omishaatti akka seenaniif hojjetaa kan jiru yoo ta'u, wayita ammaa Paarkii Qonna Qindaa'aa Bulbulaa xumuruun abbootii qabeenyaaf dabarsee guutummaatti tajaajila eegaluuft qophiitti jira. Magaalaa Naqamteettis ijaarsii paarkii qonna qindaa'aa kan eegalame yoo ta'u, waggoota lama keessatti hojiitti seena jedhamee eegama.

Kanneen malee, magaalota ja'a keessatti jechuunis Maqii, Shaashamannee, Dodolaa, Itayyaa, Baalee Roobeefi Oolancitiitti paarkiiwwan sadarkaa giddugala ce'umsa baadiyyaatiin misooman jiraachuu eeranii, kunneenis bal'inni lafasaanii kanneen guguddoorra haa xiqqaatu malee waan paarkii tokko guuttachuu qabu akka qabaniifi kanneen keessaa kan Maqii Shaashamannee waa hundi xumramee abbootii qabeenyaati itti seenaa jiraachuu ibsu.

Akka ibsasaaniitti, misoomni paarkiiwwanii faayidaa hedduu kan qabu yoo ta'u, carraa hojii uumuu, alergii guddisuun sharaa alaa argamsiisuu, meeshaalee alaa galan omisha biyya keessaatiin bakka buusuun baasii bahu hambisuu, hariiroowwan dinagdee addaddaa uumuufi keessattuu indastiriiin agroo ykn indastirii qonna qindaa'aa amma hojjetamaa jiru qonna biyyattii gara indastirii ceessisuu keessatti shoora olaanaa qaba. Akkasumas korporashinichi dhaabbata biznasii waan ta'eef mootummaaf galii dabalataa ta'uun dinagdee biyyaa ni utuba.

"Misoomni paarkiiwwanii erga eegalamee yeroo gabaabaa waan ta'eef bakka yaadamerra ga'eera jechuu hindandeenyu. Fakkeenyaaf Paarkii Qonna Qindaa'aa Bulbulaa misoomfamaa ture waggaa tokko dura hojiitti seenuu qaba ture. Garuu sababoota kanneen akka, harkifannaan abbootii qabeenyaa, indastiriiin paarkii mootummaa kan barame ta'uu dhabuun, nyaata qindeessuurratti

hojjetamaa kan hinturre ta'uun, liqii baankii akka barbaadametti argamuu dhabuun, bu'uraaleen misoomaa akka barbaadameetti gutamuu dhabuufi kkftiin akka yaadame hojiitti hinseenne" jedhu.

Paarkicha keessa invastaroonni 29 (%30) lafa fudhatanii pirojektiiwwan 34n hojiitti seenuuf qophii xumuraa jiraachuu himanii, baay'inni abbootii qabeenyaa biyya keessaa gara indastirii kanaatti seenanii hojjetanii garuu gadaanaa ta'uufi rakkoon kun akka naannootti qofa osoo hintaane akkuma biyyaattuu rakkoo mudate ta'uu paarkii indastirii Boolee Lammii akka fakkeenyaatti fudhachuun ibsu.

Akka Aadde Sannaayit jedhanitti, invastimantiin biyya tokkoo biyyarratti yoo xiyyeeffate waan filatamuuf mootummaan abbootii qabeenyaa biyya keessaaf %60-80 dursa kenneefi haalota mijatoo uumee hojjetaa jira. Ta'us hirmaannaan isaanii hanga barbaadame waan hintaanee abbootii qabeenyaa biyya alaa hirmaachisaa jira.

Kanneen faayidaasaa hubatanii dhufanii misoomsuu barbaadaniif garuu ammayyuu karri banaadha.

Paarkii Qonna qindaa'aa Bulbulaa abbootiin qabeenyaa hanga lafa fudhatan guutummaatti hojiitti osoo seenanii namoota kuma sagal oliif carraan hojii banamuu akka danda'u kaasanii, gaafa guutumaatti hojiitti seenummoo kallattiidhaan namoota kuma 30 oliif carraa akka banu ibsu. Paarkichi heektaara 271 akka bal'atuufi heektaarii 135 zoonii omishaa ta'uu akka agarsiisaatti kaasu.

Korporashinichi paarkii misoomsuu maddiitti qulqullina omishaa eegsisuufi to'achuurratti, invastarii biyya keessaafi alaa dhufee akka nama barate mindeessuu hinrakkanneef namoota leenjisuun, rakkoon gabaas akka hinmudanneefis seektara dhimmichi ilaallatu waliin hojjechuuf dirqama akka qabu eeru.

- **Guutummaa gaafdeebii isaan wajjin taasifame fuula Mijuurraa argattu!**



BARIISAA



Waaliiyaawwan leenjisaa haaraa muuddatan

Dajanee Bulchaatiin

Finfinnee: Ji'oottan darbaniif dubbii ijoo ta'ee kan ture dhimmi qacarrii leenjisaan Garee Biyyaalessaa Itoophiyaa Waaliyaawwanii, leenjisaan Gabramadiin Haayilee muuduun xumura argate.

Garichi yeroowwan muraasa darbaniif hoggansa Daareektara Teeknikaa garichaa, Obbo Daani'eel Gabramaariyaamiin hogganamaa kan ture yoo ta'u, taphoota xumuraa Waancaa Addunyaa dura leenjisaan haaraan ni qacarama jedhamee eegamaa ture. Haala kanaan, Federeeshiniin Kubbaa Miilaa Itoophiyaa Gabramadin Haayilee leenjisaan olaanaa gochuun muuduu kaleessa ifoomseera. Kanaan dura taphoota lamarratti garee biyyaalessaa kan hoggan leenjisaan kun Waaliyaawwan waggaa tokkoof leenjisuuf waliigalteerra gahuun ibsameera.

Leenjisaan Gabramadin Haayilee leenjisaan olaanaa kilabii liigii piriimerii Inshuraansii Itoophiyaa ta'uun kan beekaman yoo ta'u, ittigaafatamummaa lama akka fudhatan ibsameera.

Kilaba Inshuraansii Itoophiyaa waliin kontiraata kan qaban leenjisaan kun, kunis akkuma jiruutti kabajamee federeshinicha waliin hojjechuuf waliigalteerra ga'amuun beekameera.

Garee cimaafi dorgomaa ijaaruu, dorgommii CHAN, Waancaa Afrikaafi Addunyaatiif garee bu'aa qabeessa ta'e uumuun leenjisiicharraa kan eegamu ta'uu federeshinichi ibseera.

Leenjisaan Gabramadin Haayilee ittigaafatamummaa kana fudhachuusaanitti gammachuu guddaan akka ittihadgahamu ibsanii, garee kana durarraa waan beekaniif hojii bu'aaqabeessa kan hojjetan ta'uu dubbatu.

Leenjisaan Gabramadinif ji'aan miindaan qarshii kunni 250tu kanfalama.

Madiinaa Isaa kaadhimamtuu dhumaa taatee dhiyaatteetti

Dajanee Bulchaatiin

Finfinnee: Atileetiin Itoophiyaa Madiinaa Isaa badhaasa atileetii cimaa addunyaa waggaa 20 gadii Federeshiniin Atileetiksii Addunyaa qopheesse sadan xumuraa keessatti hammatamuu dandeessee jirti.

Atileetonni biroo kaadhimamoo ta'an lamaan Atileetii Keeniyaa Feeyiz Cherotikifi Atileetii Sarbiyaa Anjaliinaa Topik ta'uun beekameera.

Federeeshinii Atileetiksii Addunyaa kun akka ifa godhetti kaadhimamtoonni shaampiyoonaa atileetiksii addunyaa Budapest bara kanaa, Shaampiyoonaa Qaxxaamuraa Biyyaa Atileetiksii Addunyaa Baaturist, Shaampiyoonaa Atileetiksii Addunyaa Riigaa Fiigicha Daandiirrafi dorgommiiwwan biroo irratti ga'umsa olaanaa agarsiisaniin akka filataman marsariitii isaa irratti beeksiseera.

Madiinaa Isaa, Shaampiyoonaa Qaxxaamuraa Biyyaa Addunyaa bara 2022/23tiin meedaaliyaa meetii kan argatte, Shaampiyoonaa Addunyaa meetira 5,000n sadarkaa 6ffaafi sa'aatii dhuunfaa ishee gaarii 14:16:54, akkasumas dorgommiin kiiloo meetira 5n Shaampiyoonaa Fiigicha Daandiirraa Addunyaatiin sadarkaa 4ffaa



baate, filannoo kanaaf gumaacha isheef taasisseera.

Atileetiin dorgommicha injifate

siirna badhaasaa Mudde 2 bara 2016 Moonaakootti gaggeeffamu irratti akka ifoomu Federeshiniin Atileetiksii Addunyaa beeksiseera.

"Paarkiiwwan indastirii keessatti hirmaannaan dureeyyota..."

Investimantiifi Indastirii Oromiyaa, qulqullinaafi eegumsarratti Ejensii Saayinsiifi Teknolojii Oromiyaafi kkf wajjin hojjenna. Misoomsuurra darbee kanneen hunda hinhojjennu taanaan hojii guutuun hojjetamuu hindanda'u.

Bariisaa: Seektaroota wajjin waltajjii dhaabbii waliin hojjetan qabdumoo, akkamiin walitti dhuftu?

Aadde Sannaayit: Tokko tokkoon hojii waliin hojjennuuf pilaatfoormiin qophaa'e ni jira. Koreen olaanaa sadarkaa pirezidaantii ittaanaatti hogganamu ni jira. Biroleen ani eereefi kanneen biroo dhimmichi ilaallatu hundi koree kana keessatti miseensa.

Ji'a sadii sadiitti walarganii hojii jiru qorataniin, kallattii ka'aa deemu. Koree kana jalatti ammoo taaskifooriin hundaa'e ni jira. Kana jalatti biroleen dhimma isaan ilaallatuun fudhatanii hogganu. Fakkeenyaaf taaskifoorii investimantii Biiroo Investimantiifi Indastirii Oromiyaa, taaskifoorii sona dabaluu Biiroo Qonna Oromiyaatu hoggana. Waliigala seektaroonni gara 20 ta'an keessatti hammatamanii hojjetu.

Bariisaa: Simannaa abbootii qabeenyaatiif karri keessan ammayyuu banaa ta'uu

eertaniittu. Mee ulaagaa maalii guutanii yoo dhufan paarkii indastirii keessatti hirmaachuu danda'u? Gama kenna tajaajilaatiin rakkoon akka hinmudanneef hoo maal hojjetaa jirtu?

Aadde Sannaayit: Hunda dura kan barbaachisu fedhiidha. Ittaansuun karroora hojii (proposal) damee hojii irratti xiyyeeffachuu barbaadan irratti qopheeffatanii dhihaachuu qabu. Achirratti kaappitaala hojii ittin eegaluu isa dandeesisu hammam akka ta'e, carraa hojii banuuf deeman, maal akka hojjetan, galtee akkamii akka fayyadaman, galtee eessaa akka argatan, dandeeffii omishuusaaniifi kkf qabate qopheeffachuu qabu. Fakkeenyaaf kaappitaalli ka'umsaasaanii miliyoona 150 ta'uu qaba. Carraan hojiimmoo lafa inni fudhaturratti hundaa'a.

Kenna tajaajilaatiin walqabatee korporeeshinii keenya qofatti osoo hintaane paarkiiwwan indastirii kam keessattuu komiin ka'u hinjiru. Sababnisaa sistamni keenya kanaaf mijataa miti. Namni ulaagaa jedhe guutee fidee dhufnaan birookraasiin addaa hinjiru. Boordii addaa kanaaf hundaa'ee waan jiruuf karaa sana saffisaan kan raawwatamu ta'a. Sistamni keenya haalaa qindaa'aafi daran ofeggannoo

qabuun kan hojjetamudha.

Bariisaa: Dhumarratti, mee bakka yaadame ga'uuf eenyurraa maaltu eegama? Akka ergaatti waan kaastan yoo qabaattan carraan isinii kenna.

Aadde Sannaayit: Hojiiin kun hojii qaama tokkooti jedhee hin yaadu. Korporeeshiniin keenya ittigaafatamawwan irrannatti eeraman haa qabaatuyyuu malee kaayyoonsaa guddaan guddina dinagdee damdaneessa mirkaneessuudha. Kana keessatti carraa hojii bal'aa uumu tiransiformeeshinii qonnaa mirkaneessuu, omisha alatti erginee sharafa alaa argamsiisuu, omishawwan alaa galan kan biyya keessaatiin bakka buusuufi hojiiilee guguddoo biroo qabateera. Kunimmoo nama dhuunfaarraa kaasee hunduu yoo irratti hirmaate malee bakka yaadame hinga'u. Kanaaf seektaroonni ani eeres ta'e kaan sadarkaa kanatti hubatanii socho'uu qabu.

Keessattuu abbootiin qabeenya biyya keessaa carraa guddaa dursa kennametti fayyadamuun dhufanii misoomsuu qabu. Yoo akkana ta'e yeroo gabaabaa keessatti maniiwwan taa'aniif manii akka mootummaatti qabame, badhaadhina gama hundaa mirkaneessuuf hunduu hirmaachuu qaba ergaa jedhuun qaba.